
ABJUU KEETTI ABDII HIN KUTIN!
Abdii Aabbiyyoo Eda'oo tiin
Asallaa, Oromiyaa, waxabajjii, 2021

# ABJUU KEETTI ABDII HIN KUTIN!

Barreessaan: Abdii (Siraaj) Abbiyyoo Eda'oo

Gulaaltootni: :Abdussalaam Abdallaa Nageesso. (Barsiisaa muummee afaanii fi barreessaa)

: Toleeraa Bantii kabbadaa. ( Barataa University Harraambee Damee Adaamaa fi Barreessaa)

Teessoo

Mob: +251966006268

Email: sirajabiyo2@gmail.com

Telegram: "Milkaa'ina Jireenyaa" channel

(http://t.me/milkaainajireenyaa)

★ Facebook: Abdi Abiyo Edao

Maxxansa 1ffaa, Bitootessa, 28/2013/21

Asallaa, Oromiyaa, Bitootessa, 2021

Kitaaba xiinsammuu!

©Abdii Abbiyyoo Eda'oo

# *ABJUU KEETTI ABDII HIN KUTIN!*

**Dhugaadha! "*ABJUU KEETTI ABDII HIN KUTIN "!***
**Danda'i akka dandeessu warra hin dandeesu siin jedhanitti agarsiisi Kutanno dhaan hojjettee waan kutannoodhaan milkeessuu dandeessa. namni kan si jaju, kan si jajjabeessu eega ati fiixee milkaa'inaa geessedha, hammasitti garuu namni quba si qabu hin jiru, namni dhimma kee kaasu hin jiru, maqaan keetuu yoo ganda keessatti dhalatte ta'e malee kan beeku hin jiru, eeyyeen akkasuma akkuma Amma jedhaaru kana! Ka'i of jijjiiri, of milkeessii eegasi booda maamila hammamii akka qabdu beektaa**
**(Kitaabicha keessaa kan fudhatame. )**

## *Waa'ee Barreessichaa*



*Baratаa Abdii Aabbiyyoo Jedhama abbaa isaa Aabbiyyoo Eda'oo fi Haadha isaa hawwaa Abbee irraa Bara 1993 A.L.I Godinaa Arsii, Aanaa Zuwaay Dugda'aa, Ganda Sanbarroo tti dhalate. Yeroo amma kana barataa Arsii University Muummee Fayyaa ( medicine) waggaa 2ffa ti.*

# Baafata fuula

I) Galataa ........................................................................................6

II )dhaamsaa fi yaada gulaaltotaa..........................................................7

III)seensa...........................................................................................12

1.Gaarummaan ofumaafi!.......................................................................15

2. Abjuu keetti abdii hin kutin!...............................................22

3. Daftee hin murteessin! Dursa Haalicha hubadhu...........................27

4. nama kabajuun enyuun xiqqeesse?..................................................35

5.Nama bakka inni Ni argama jedhamee

hin yaadamnetti argamu ta'i...............................................................39

6. Ofitti hin Qoosin..............................................................................43

7. Addunyaa Mataa keetii
Bocadhu!...............................................................................................46

8. UF ARGADHU!.....................................................................................50

9. Fernandez............................................................................................56

10. Nama sababaa qofa hin ta'in!!.......................................................60

11. Seeqi!...................................................................................................67

12. ARJUMMAAN QABEENYAAN NAMA GARGAARUU QOFAA
MITI!!.......................................................................................................74

13. Sababa malee jaaladhu!

*Sababa malee hin jibbin!....................................................................80*

*14. Anatu qeeqame moo situu of miidhe!...........................................83*

*15. Sammuu gorsaan kuulamee, obsaan tuulame!............................90*

*16. NIDANDA'AMA ........................................................................94*

*17. Dhugatuu hin dhokanne!..............................................................99*

*18. Wanti badaan hundi miidhaaf hin dhufu!..................................107*

*19. Jireenya kooppii...........................................................................115*

*20. Maddi kufaati inni guddaan utuu hin yaalin*

*kufaatii yaadda'uudha........................................................................127*

*21. Ilaalcha yaadaa!............................................................................131*

*22. dursa moo of moo'utu dursa??.....................................................144*

*23. Badii Irraa of qabi, Rabbi of sii qabaa!........................................149*

*24. Ofitti Aani!....................................................................................157*

*25. Jaalala Haadhaa...........................................................................164*

*26. Walitti hidhama jaalalaa fi dhugaa jiru........................................172*

*27.  Kennaan kee guyyaa takkaa*

*Jireenya kee jijjiiruu danda'a..........................................................178*

*28.  Qaxaleen qaxalummaashee hinbeekne qaxalee miti.............186*

*29. EEYYEN ANI RABBIIN QABA.....................................................196*

# I) Galata

Duraan dursa Rabbii Koo kan bakka kanaan na gahee, nama ta'ee akkan dhaabbadhu kan na godhee galata galcha. Itti aansee ammoo Harmee Koo( Hawwaa Abbee Baatii) kan na guddistee nama na goote, kan osoo Ani gufadhee na dura kuftu, kan Ani osoo cinqamee nadura boossu, kan Jireenya ishee guutuu naaf jettee osoo bir'attu/cinqattu jiraattuuf galanni haa ta'u. Akkasuma Abbaa koo(Abbiyyoo Eda'oo Goobee) kan Rabbiin Isaan sababa naaf taasisee, Akkan uumamee dachee tanaaf waa buusuu na taasise, baayyeen si jaaladha. Ati Anaaf kennaadha!

Akkasumas gulaaltotaa kitaaba Koo kan kitaabni Koo akka gaarii kanatti miidhagee, bareedee bifa miidhagaa ta'een dhaloota bira gahuuf yeroo keessan aarsaa gootanii naa gulaaltan , *Barsiisaa Abdussalaam Abdallaa fi Hiriyyaa Koo Waamaran Toleeraa Bantii* baayy'een isin galateeffadha. akkasuma hiriyyoottan Koo kan yeroo hunda yaadaan na bira dhaabattanii, abdii natti hortan *Qaasim Abdallaa , Amaan Bahmud,,, Fi kan maqaa keessan as keessatti hin tuqin* hundi keessan galanni keessan dachaa haa ta'u. Itti aansee ammoo dubbistoota Koo channel "Milkaa'ina Jireenyaa" kan taatan hundaa yaadni isin naaf kennaa, na jajjabeessaa turtan kinoo sadarkaa kanarra gahee, yaadaaf qeeqni keessan na utubee, akkan Ani kitaaba kana barreessuuf na kakaase, kanaaf isinis naaf galatoomaa.

Dhumarratti ammoo kanneen Barruu kana dubbisuuf jirtan hundaa galanni keessan na biratti guddaadha! Isin ammoo eega dubbistanii xumurtanii yaada kitaabicharratti qabdan akka naan geettan hadaraan isinitti dhaamadha!

# II) Dhaamsaa fi yaada gulaaltotaa

## Gulaaltota kitaabaa fi barreessaa kitaabaa irraa

*"Kitaaba kana dhaloota koof bifa pdf tiin bilisaan wanti gumaachuuf na dirqisiise keessaa inni ijoon osoo sababa kootiin namni tokkollee daandii qajeelaa irra dhaabbatee jedheen, kitaabni kun ammoo anaaf kitaaba jalqaba dhaloota Koo biraan gahaaruu dha, garuu kitaaba kana dhaloota biraan jalqaba haa gahu malee kitaabni kun anaaf kitaaba lammaffaadha kitaaba isa tokkoffaa eegan barreessuu eegale waggaa 3ffaa isaati ammas barreesumattan jira, Rakkinnii fi haalonni tokko tokko na muudachuun kitaabni kun hanga ammaatti dhaloota bira naaf hin geenye, sana gaaf rabbi jedhe bifa Hardcopy tiin seera kitaabaa hunda eegee isiniif maxxansa yoo carraa ittiin maxxansu argadhe. Hangasitti garuu, hin taa'u jedheetuma karaa garagaraatiin yaada Koo dabarfachuu jalqabe , #dursa channel "milkaa'ina Jireenyaa" jedhuun karaa telegram tiin dabarfachuu jalqabe, ammas ittuma jira join gootanii itti fufiinsaan hordofuu dandeettu. Akkasuma hanga sanaaf waan xinnoo tana bifa pdf tiin isiniif qopheesse, Narraa fudhaa!. Kitaaba Koo na harka jiru sanas namoonni dhalootaan haa gahamu jettan yaadaa fi waan jiruun akka na gargaartan asumaan isin gaafadha."(Abdii Aabbiyyoo Eda'oo, barreessaa kitaabichaa)*

*"Jiruun Jireenyaa miti, jireenyatu jiruudha. Jireenya hiika qabu jiraachuudhaaf abjuu mul'ata qabu abjochuun dirqama. Abjuu kam? Isa halkan abjonnee ganama hiikannu Sanaa miti, abjuu sirrii Isa jiruu keenya keessatti mandhee godhatee gara Jireenya sirriitti nu geeessu sana. Jireenyi kee guutuu guyyuu dabarsaa ooltu kun seenaadha, kitaaba ta'ee taa'a. Barruudha Ni mul'ata... Jechoota Ni dubbata. Kanaafuu wantoonni guyyaa keessa nu muudatan hundi kallattii sirriitti hiikkanna taanaan, abjuu keenya isa ganamaa sanatti abdii horaa deemna. Eeyyan Abdii boruu...............*
*Abdiinis mucaan Qaxaleen lafaa dhufaan kun wantootuma nuti guyyuu keessummeessaa oollu waliin abdii nutti horee, hamilee nutti qoree, kitaaba 'Abjuu keetti abdii hin kutin' jedhu nuuf dheenga'e. dhugaa dubbachuuf kitaaba kana akkuman dubbisee fixeen yaadaan waggaa meeqa duubatti na imalchiisee qaawwa Jireenya Koo keessatti na muudataa turan hunda natti Agarsiise, isinis dubbistoonni akka waan baayyee kitaaba kanarraa barattan abdiin qaba. Koottaa haa dhandhamannuu."*
( Abdussalaam Abdallaa, gulaalaa kitaabichaa)

"  '*Addunya kana xinxalee xinxalee wanti anaaf gale, nama hundumaaf fedhii Isaa guutuufi akka hin dandeenyedha. Kanaafuu, nama hundumaaf fedhii isaa guutuufi hin dandeessu. Garuu, nama hundumaaf gaarummaa yaaduu immoo ni dandeessa*' *kana Abdiitu nun jedhe. Dhugaa dubbachuuf yoo ta'e Abdii Abbiyyoo aartii barreeffamaa keessatti ol-adeemaadha. Kana jechuunkoo guddina irra jira jechuu kootii. Abdiin ilmaan jajjaboo oromoon boriif qaba jedhe ani abdaadhu keessa nama tokko ta'et jira. Kitaabni isaa ammaa kun ""Abjuu Keetti Abdii him kutin'" jedhu kun kitaaba seenessaan dabaalamun ergaawwan gurguddoo jiruuf jireenya nama tokko jijjiiraan dabarsu of keessaa qabudha. Anis, Namni tokko wanti inni godhu tokko deebi'ee matummaa isaattif akka ta'u erga*

*ani kitaaba kana keessaa hubadheedha. Itti dabaalunis, bu'aan waan gaarii yaaduus hagam gudda akka ta'ee fi nama waanta gaarii yaadee godhuufis waanti gaariin akka ta'u, kana males, gaarummaan daandii itti abjuu ofii dhugoomsan keessa isaa tokko akka ta'es ergaa kitaabni kun dabaarsu keessa ani hubaadhe kambiraadha. Kanaafu, Gaheen namni tokko jireenya jiraatuu keessatti abjuuf mul'ata isaa keessa jiru irratti milkaa'uf gochuu qabu Abdiin isinif qoodeet jira. Isinis kitaaba kana dubbisuun gahee namni tokko jireenya jiraatuu keessatti abjuu isaa dhugoomsuf bahaachu qabu hubaadha. Kanaafis, Kitaaba kana itti yaadaa tasgaabbin akka isin dubbistanif affeeraa koo guddadha. Isinis Yoo qalbii keessan guutuun laphee baanamanis itti yaadaa dubbistaan, kitaabni*

*Abdii Abbiyyoon Barreeffamee ""abjuu keetti Abdii hin kutin""" jedhu kun yaadaa saammuuf jireenyaa keessaan qajeelchuu keessatti gahee mataasa akka qoodatuu fi akka isin waanta guddas irra hubaachun of jijjirtaan amanti malee shakkii hin qabu. Dhumaarratis Dhaamsii ani dubbistootaf qabus, telegram channeli isa [http://milkaainajireenyaa ](http://milkaainajireenyaa) jedhus join gochuun barnoota inni achii kennuus akka hordooftanif Waan hubattan irraayis yaadaa akka qooduufin akka jajjabeessitan jechuun dhaamsakoo guddaa ani isinif qabudha.* ***Dhaaloota isaa guddifaachun gahee hawaasichati!***
***Yeroo dubbisaa gaarii isinif haa ta'u.***
***#Namni kamu yoo dubbisee ofii isaa ni qajeelcha."(*****Toleeraa Bantii Kabbadee, gulaalaa kitaabichaa. )**

## *III) Seensa!*

*Maaloo na dubbisi jedha "kitaabni koo,"* ***ABJUU KEETTI ABDIIN KUTIN"*** *Jedhu, isinumaaf akkanatti faayamee tolfamee, isin malee homaan qabu yoo isin nan dubbisin nan muuka'a, maaloo na dubbisuun muukuu narraa baasi, ofis muukuu baasii of jijjiiri, yoo ati fuula Koo jijjiiraa na dubbiste animmoo Jireenya kee jijjiiree bareechisee siif tolcha, Kaayyoo keetti akka deebitun si godha. Dhaamsa gadii kanas siif dhaameera gidduu Koo keessaa.*

*"Kaayyoo keef fuurtee, kuftee kaatee, miidhamtee, dhiitamtee, gadditee cinqattee, beeloftee dheebottee, gidirfamtee cunqurfamtee , gad qabamtee tuffatamtee,... Garuu osoo abdii hin kutin hamma dhumaa kaayyoo keetiratti cichitee bu'aa bayii kana hunda obsaan dabarsitee kaayyoo kee bira geenyaan ati nama akkami akka taate eenyullee tilmaamuu hin dadhabu.*

*Waan si ajaa'ibu ammoo namoonni yeroo sana*

*akkana siin jedhan " lakki namana waan hin dandeenye itti hin deemin, qabeenya kee kamiin waan kana hojjattaa, dandeettii kee kamiin nama jabaa ta'uuf tattaafatta, lakki hin cabdaa, lakki hin kuftaa , nama akka si'ii kanatu iddoo gaarii gahaa , ati nama hin taatu... Waan siin hin jennee hin jiru..." kana hunda siin jechaa turan garuu yoo ati galma kee kee geette ammoo akkana siin jedhu " jabaadhu korma Koo hojii gaarii hojjattee, durumaayyuu ati nama jabaadha , waan gaarii akkana akka ati hojjattu Ni ammanna, nu boonsiteerta, siif gammanneerra(keessatti hinaaffiin gubataa), ..." Jechaa sitti dhiyaachuuf rakkatu..*

*Kanaaf siif haa galuu namoonni yeroo atii hojii tokko jalqabdu kana dhagaa sitti darbatu malee kan yaaduma gaariiyyuu siif darbatu hin argamu, ati of amansiis, maamila baayye horattu malee waan galma hin gahu hin jedhin namni na duuba waan hin jirreef  hin milkaa'u hin jedhin*


*milkaa'inni keessa kee jira malee sammuu nama biraatiin hin hogganamuutii , namni kan si jaju, kan si jajjabeessu eega ati fiixee milkaainaa geessedha, hammasitti garuu namni quba si qabu hin jiru, namni  dhimma kee kaasu hin jiru, maqaan keetuu yoo ganda keessatti dhalatte ta'e malee hin beeku hin jiru,*

***eeyyeen akkasuma akkuma Amma jedhaaru kana!***

***Ka'i of jijjiiri, of milkeessii eegasi booda maamila hammamii akka qabdu beektaa!" ( Kitaabicha keessaa)***

# *Dubbisa Gaarii!*

# 1)Gaarummaan ofumaafi!



## ✍*Gaarummaa kee hin gatin!!*

Bara ammaa kana keessa namoonni nama gaarii gaafa argatan isa kabajuufi sadarkaa isaa isaaf kennuu irra, itti fayyadamanii cinaa darbuu kan fedhantu guute. Ati garuu bitaaf mirga kee ilaaluun namoota kanniiniif hiika ni kennita taanaan gaarummaa kee sana gataa dhufta. Kanaaf Gaarummaa kee sana eeggadhu malee sababa isaaniitiif gaarummaa kee sana hin gatin. Ta'uu baannaan atis isaanirraa wanti adda si baasu hin jiru suutuma suutaan gaarummaan kee sun jijjiiramaa dhufa.

*Gaarummaa hiriyyaa gaarii godhadhu!.*
Yeroo kanatti gamna ta'uu nama barbaachisa. Nama badii sitti dalage tokko Anis badii isatti dalaga jettee tasuma hin yaadin , ati akkas taanaan ammaayyuu badii keessa jirta.

Mee seenaa nama beekkamaa Neelson Mandeellaa pireezedantii duraani Afiriika kibbaan sii yaadachiisa mee hubadhu.

Yeroo tokko Nelson Mandelatu eegdotasaaniitiin,"Har'a laaqana masaraa keessaa hin nyaannu alaa deemnee magaalaa keessaa iddoo tokkoo haa nyaannu" jedhanii ba'an. Hoteela tokko deemaniis nyaata ajajanii,***"Nama adii sana naaf waamaa waliin nyaannaa"*** jedhanii waamsisan. Namtiichi akka nyaata sana waliin akka nyaatuuf affeeramee sun nama faraanjii/adii warra jedhaaman sana ture. Namtichi adiinis erga nyaaticha nyaatee boodaa bahee deeme. Eegdotasaa keessaa tokko,"Namichi adiin silaa sun dhukkubsataadha" jechuun mandeella yoo gaafatu Mandelanis,"Maaliif jette?" jedhaniiin. Eegdichi deebisee,"Sila yeroo laaqana nyaanne namichi rom'aa ture ija keessa ol jedhee nu ilaaluu sodaata,dafqis fuulasaarraa dhangala'a ture" jedheen.

Mandelan,*"Lakki waan dhukkubsataa taheef miti,yeroon mana hidhaa turetti inni eegduu kutaa an keessatti hidhamee ture.Baay'ee reebamee,dadhabee yommuun dhufu nan dheebodha,bishaan naaf kenni jedhee yoon gaafadhu, 'hoo'u' naan jedhee fuulakootti fincaansaa naqa ture.Amma haaloo sana waanan ba'adhu se'ee qaana'ee sodaate"* jedhanii deebisaniif.

Argitanii firaa,humni guddaan kan jiru jibbaa keessa miti,moo'ichis gola haaloo ba'uu keessatti hin argamu jaalalaa agaarsiisuf dhiifama gochuu keessatti argaama malee.Akkatti namni nu miidhetti deebisnee nama sana haaloo baanaa yoo tahe garaagarummaan nu gidduu hin jiru. Garagarummaan namaf nama gidduu jiru yeroo baay'ee haammeenya dalaaguuf gaarummaa gochuudha. Haammeenya warri godhan bu'aan isaani waanuma mandhee haammeenya keessa jiru yoo ta'u warri gaarummaa godhan garuu daandii qajeelarra adeemun waan gaarii isaan boqochiisu danda'uu ni argatu. Kanaafuu, atis kallaattif daandii waan gaarii itti argaachun sii boqochiisu yoo feete gaarummaa yaaduun gaarummaas godhi! Gaarummaa gochuun ofiif waan gaarii yaaduudha! Gaarummaan yaadii! Waani gaarummaa ofumaafi! Haammeenya amma gootuun boodaa akka mataan qaaniin/yeelloon gadi siin jennef ammuma gaarummaa gochuu filaannoo kee godhadhu!

*Kallaattin injifaannoo itti diinna ofii injifaatan inni tokko*

***gaarummaa gochuu dhani!***

Gaarummaa Nelson Mandellaan godhanifin namtichi adiin sun yeella'ee ija keessa ilaalus dadhabe. Osoo yeroos waan gaarii godheeraf ta'ee har'aa affeerra kabaaja irratti kan yeelloo hin ta'u turee. Bu'aan namtichii haammeenya mandellaa irratti godhee keessa argatee inni gudddan yeelloo dha. Wanti at amma godha jirtu fulduraa keeti ija godhatee waan sii eeguuf wanta amma godha jirtu itti yaadii! Adda baafadhu! Qooda haammeenya dalaaguun boodaa itti yeelatu fi bu'aa badaas itti argatu ammumaa gaarummaa gochuun of fulduraatti sanyii waan gaarii facaasii! Yoos, fulduraa keeti abdii waan gaariitu sit argaama.

Waggoota 27 booda mana hidhaa yoo bahan Mandelan akkas jedhan,"***Ani asii bahee warra na miidhaa turan deebihee nan miidha yoon tahe, jibbitootakoo nan jibba yoon tahe mooraa kana ala jiraadhus hidhaan jira".***
Maaliif sitti fakkaate? Maaf nama fincaan fuularratti fincaanaa ture nyaachisee obaase*?*
*Dubbiin dubbii gadoo namarra kaayachuu tii miti. Inni bu'aa bayii qabsoo kiyyaati, jajjabina milkaa'ina kiyyaati jedhee fudhata malee badii namicha Sanaa qophatti baasee hin ilaalle ture.*

***•Gaarummaan madda miidhagina keessa sammuu namaati.***

Dhalli namaas, ta'ee uumamni biroo bareeduuf waan hin goone hin qabu. Hunduu miidhagee akka hundi afaan qabatee dhaabbatee ilaalu barbaada. Yeroo baay'ee dhalli namaa miidhagina ijaan argu faana osoo culuullatuu miidhagina isa ijaan hin mul'anne garuu kan nama nama taasisu dhaba. Mul'ata keessaa , bareeduma keessaa , Miidhagina sammuu dhaba . bareedinii dhugaan irra keessa keenya osoo hin taane waan keessoo keenya jirudha! Bareeduuf jette waan feete dalaagu dandeessa. Garuu, eenyumma inni sii keessa yoo at of bareechuf dhaamahu baatteyyun yoo gaarii ta'ee argaamu bareeda sii taasisa. Eenyumma namaa tokkos gaarii ta'eet argaamuf garummaa gochuuf waan gaarummaas agaarsiisu daanda'un isa tokko dha. Kanaafuu, at gaarummaa gochuu keetin eenyummaa kee gaarii gootee waan mul'iftuf gaarummaa gooteetti gammadaa ta'ii! Boqonnaa dhugaanis gaarummaa gochuun kan argaamudha.Qabeenya qabdun waan gaarii gootee of gammachiisuu yoo hin dandeenye qabeenyii kee maqaadha!

*•Qarshiin, aangoofi sadarkaan barnootaa qaamaafi uffataan nama miidhagsuu danda'a. Garuu boqonnaafi gammachuu kan namaaf kennu miidhagina sammuuti.*

*Sammuun dabaafi gidiraa yaadu, saamichaafi ajjeechaa, akkasumas qaraafi qaroomina sabaafi nama biraa balleessu boqonnaa hin argatu. Akka fedhetti nyaatee dhuga garuu itti tolee akka fedhetti jiraachuu hin danda'u. Sababni isaas garaan quufee rafus sammuun gocha kee badaadhaaf murtii dura si dhaaba*

*waan ta'eef.*

•Kanaafuu madaalliin namummaaa gaarummaa isa sammuu keessa miidhaksu malee, kan alaan nama kuulee keessa amala yeeyyii namaaf kennu miti.

*Eeyyen itti yaadi! Gaarummaan ofumaaf*

*Egaa! Dhugaan dirree irra jirtu garuu gaarii ofiis ta'e nama biraa giddu galeeffachuun ati dalagdu ta'e; hammina ati dalagduu utuu hinjaallatiin nama biraa dhaqaba. Kanaafuu, addunyaa kanarra qofaan fayyadamaan ykn qofaan miidhamaan hinyaadamu. Gaariin ati namaaf gootu ofiifis akka ta'e, gaariin ati ofiif gootus nama biraaf faayidaa akka qabu dagachuu hinqabdu.*

*Yeroo kamittiyyuu, bakka kamittiyyuu, haala mijataafi haala hinmijannee keessa taa'itii waan gaariifi qajeelaa hojjedhu. Bulee, darbee gaarummaan sun sumaafi. Gaarii yaadi, waan qajeelaa dalagi; yeroos namni gaarii siif yaada.*

*,,,,Akkas goonuu??,,,,,* ***#Nama fayyaduu yoo dadhabde nama hin miidhin,nama kabajuu yoo dadhabdees nama hin xiqqeeysin. Gaarii yaadi! Gaariin siifii!!*** *✓Ilaalcha kee namarratti sirreeysi ! nama cufa/hunda jaaladhu nama cufa guddisiis garuu namni waa'ee khiyyaa ilaalcha akkam anaaf qaba jattee hin rakkatin hin dhiphatiniis yeroonuu hunda sirreeysitee tartiiba isiif tolurratti deebisuuf jiraattii..*

*,,,,,,,,,,Hubadhu,,,,,,,* .
*siin kokoflu hundi si hin jaalatuu namni fuula sitti guuru cuftiniis si hin jibbu...! Kanaafuu, laachanuuttif akkaata simaana tochii!*

*#Ati addunyaa tanaarratti nama si caalu hedduu agarta akkasumatti namni ati irra caaltuus hedduuun tokko jira yoo ati arguubaattellee....!*

*Anaaaaf,,,,,*

*Addunyaa tana xiinxalee xiinxalee wanti anaaf gale nama cufa fedhii isaa guutuufii akka hin dandeenyedha. Kanaafuu fedhii nama hundaa guutuun akka hin danda'amne hubadhu...! Garuu ammoo nama hundaaf gaarummaan yaaduu Ni dandeettaa! Yoo fedhii isaanii guutuufii dadhabdeeyyuu gaarummaa kenniif! Gaarummaan ofiif.*

*,,,,,,,,,,,Waa cuftinuu ,,.*

*cuftinuu daangaa isiin malu qabaachuu qabdi jaalalaas tahee jibbi kabajaas tahee tuffiin. #Ilma namaa kana kabaji garuu guddistee sadarkaa isaa olii irra hin kaayin.*

*#Ilma namaa kana jaaladhu garuu sadarkaa olii gootee Rabbiin eegasii ammaas rasuulaan sallallaahu aleeyhi wa sallam isaaniin hin qixxeeysin.,,,,,,,,,,,,,Siif hime an,,,,,,,,*

*#Nama siif ja'ee yeroo isaarraa waa takka hin gubne atiis isaaf jattee yeroo teetirraa hin gubin maaliif beeytuu nama Rakkoo tee beeku atiis rakkoo isaa beeyta kaa.*

*#Siif hime an nama jaaladhu garuu sadarkaa inni ittiin si jaalatuu ol kuuchiistee of hin miidhin.* *Garuu garuu...* ***Gaarima yaadiif!***

# 2) Abjuu keetti abdii hin kutin!



*Danda'ii akka dandeessu warra hin dan deessu siin jedhanitti agarsiisi.*

*Kutanno dhaan hojjettee waan kamuu milkeessuu ni dandeessa.*

*Mo'ichaaf,milkaa'inaaf,fiixaan ba'umsaaf uumamteetta. Guddinni kee kan safaramu ykn madaalamu haala ati alaan keessa jirtu kanaan miti; ga'umsa dhokataa ati of keessaa qabdu qofaan madaalama. Hammageessu kan beektu si qofa. Namoonni naannoo kee jiran,maatiifi fironnikee, hiriyoonni sitti dhiyaatan, barsiisonni kee, namoonni atii saaniif hojjettu, hawaasni naannookee...hunduu eenyummaa kee isa sirrii hin beekan; tilmaamuu qofa danda'u.*

*Dubbii namoonni tilmaama qofairraa ka'uun dubbataniif iddoo kennuun kaayyoo kee*

*irraa gara booddeetti si deebisa. Si caalaa kan si beeku hin jiru!Bakka namoonni itti si tilmaamaan caalaa fagoo fagoo ga'uu dandeessa.*

*Maaltubeeka?Waan guddaan si keessa jiru kan ati of keessatti beektu kan namoonni immoo arguu hin danda'in waan addunyaa kana jijjiiru ta'uu mala.*

*Maaltu beeka? Xiqqoon har'a harka kee irra jirtu kun bor guddatte egalaa addunyaa kanaataati.*

*Maaltu beeka? Har'a xiyyeeffannoo namootaa dhabdus bor guca milkaa'inaa guutummaa addunyaa irraa ifu harkatti qabachuuf jirta. Kanaafuu, abjuu keetti abdii hin kutiin.*

Kaayyoo keef fuurtee, kuftee kaatee, miidhamtee, dhiitamtee, gadditee cinqattee,

beeloftee dheebottee, gidirfamtee cunqurfamtee , gad qabamtee tuffatamtee,... Garuu osoo abdii hin kutin hamma dhumaa kaayyoo keetiratti cichitee bu'aa bayii kana hunda obsaan dabarsitee kaayyoo kee bira geenyaan ati nama akkami akka taate eenyullee tilmaamuu hin dadhabu.

**Waan si ajaa'ibu ammoo namoonni yeroo sana akkana siin jedhan** *" lakki namana waan hin dandeenye itti hin deemin, qabeenya kee kamiin waan kana hojjattaa, dandeettii kee kamiin nama jabaa ta'uuf tattaafatta, lakki hin cabdaa, lakki hin kuftaa , nama akka si'ii kanatu iddoo gaarii gahaa , ati nama hin taatu... Waan siin hin jennee hin jiru" siin jechaa turan garuu yoo ati galma kee kee geette ammoo akkana siin jedhu* " jabaadhu korma Koo hojii gaarii hojjattee,


durumaayyuu ati nama jabaadha , waan gaarii akkana akka ati hojjattu Ni ammanna, nu boonsiteerta, siif gammanneerra(keessatti hinaaffiin gubataa), ..." *Jechaa sitti dhiyaachuuf rakkatu..*

*Kanaaf siif haa galuu namoonni yeroo atii hojii tokko jalqabdu kana dhagaa sitti darbatu malee kan yaaduma gaariiyyuu siif darbatu hin argamu, ati of amansiis, maamila baayye horattu malee waan galma hin gahu hin jedhin namni na duuba waan hin jirreef hin milkaa'u hin jedhin milkaa'inni keessa kee jira malee sammuu nama biraatiin hin hogganamuutii , namni kan si jaju, kan si jajjabeessu eega ati fiixee milkaainaa geessedha, hammasitti garuu namni quba si qabu hin jiru, namni dhimma kee kaasu hin jiru, maqaan keetuu yoo ganda keessatti dhalatte ta'e malee kan beeku hin jiru,*

*eeyyeen akkasuma akkuma Amma jedhaaru kana!*

***Ka'i of jijjiiri, of milkeessii eegasi booda maamila hammamii akka qabdu beektaa!***

## 3)Daftee hin murteessin! Dursa Haalicha hubadhu.



*Haalli addunyaa kun dafee siin galu, haalli taatee tokkoo ammoo kana daran, maaf jennaan yeroo baayyee waan tokko eega raawwannee booda deebinee kan gaabbinu of argina.  kuni maaf ta'e of qorattee Ni beektaa? Namni tokko badii raawwatee ka'ee, wayi utuu akkas godhuu baadhee, osoo osoo osoo.. jechaa oola. Kun sababbiin guddaan  wanta kanaa nuti taateen tokko yoo uumame, dafnee osoo hin hubatin, osoo hin tasgabbaa'in murteessina. Kun ammoo booda deemee 'osoo' ta'a. "Osoo osoon osoo ta'e silaa yoona as hin jirru turre".*

*Jiruun gaabbiin ykn seenaayuun  sirrooftu hin jirtu.*

*waan gaabbuuf teeysuf san dursii ofirraa dhiisi ykn osoodhuma utuu utuu... jattuu jiruu kee fixxaa beeki.*

*sitti hin tolu tanaan dursii ofirraa dhiisi yoo waan dhiifamuu qabu ta'e namaaf jattee hin godhin waan gammachuu kee booreessu hiriyyaa kee ykn nama sitti dhihaatuus haa ta'u wanta sammuun kee itti gaabbuu sodaatte hin godhin!  ofirraa dhiisi.*

*Mee seenaa gadi kana xiinxallaan dubbisi.*

Mana barnootaa tokko keessatti barsiistuun   kutaa seentee osoo ijoollee barsiisaa jirtuu  gidduutti barataan

tokko harka isaa baasee, "Mi'a  kootu najalaa hatamee jira; boorsaa ijoollee keessa naaf haa ilaalamu," jedhee dubbata ture. kana irratti barsiistuun mi'i mucicha jalaa hatame  maal akka ta'e erga addaan baafatteen booda boorsaa barattoota hundumaa dabaree dabaree dhaan sakatta'uu itti fufte. osoo sakatta'amaa jiranii mucaan durbaa waggaa 10 nii tokko dabareen sakatta'amuu ishee yeroo ga'etti boorsaa ishee kennuu didde! yeroo kana dhageessutti barsiistuun sun baay'ee aartee, "Mucaa hattuu kanaa, mi'a mucaa kanaa situ hate, ati hattuu dha. amma utuun poolisii sitti hin waamiin dafiitii boorsaa kee akkan sakatta'uuf natti kenni," jettee mucattii daddarbatte! Ijoolleen hundinuus; 'hattuu! hattuu!' jedhanii itti kolfuu fi itti iyyuu jalqabaan Mucattiinis yeroo sagalee dheekamsaa barsiistuu fi waca ijoollee dhageessetti naasuu daangaa hin qabne naate. baay'ees rifatte. kana irraa ka'uun dafqi irra dhangala'ee qaamni ishee hundinuu hoollachuu jalqabe. Mucattiinis baay'ee waan bir'atteef barsiistuu isheetiin, "Adaraa kee barsiistuu koo, ani hattuu miti. yoo barbaaddeef hoodhu boorsaa koo sakatta'i; garuu ijoollee kana duratti miti. qofaatti achi nabaasii nasakatta'i," jettee jilba isheetti jilbeenfattee boossee kadhatte. Barsiistuun sun garuu, "Asumattan si sakatta'a malee," jettee didde! sagalee wacaa kan dhaga'an barsiisonnii fi qindeessitoonni mana barnootaa sana

keessa jiran tokko osoo hin hafiin yaa'anii dhufan. yammuu ilaalanis mucaa xinnoo waggaa kudhanii (10) miilla barsiistuu isheetti jilbeenfattee boossuu fi barsiistuu ija ishee bobaasaa mucaatti banbantu arganii hundinuu,. "Maaltu ta'ee?" jedhanii naasuu dhaan wal gaggaafatu turan. Barsiistuttiinis aariin dhugamtee akkuma jirtutti waan ta'e hundumaa isaaniif himte. kana irratti Hoggantuun (Director) mana barnootaa sanaa dubartii umuriin xinnoo deemte waan turteef dubbii jaraa erga xiinxalteen booda mucattii fi barsiistuttii sana qofaa fudhattee gara biiroo isheetti geessite. Maal akka ta'e isaan gaafachuuf yeroo yaaltutti garuu barsiistuttiin mucattii irratti banbanuu hin dhiisu, qalaa naguuraa malee jettee maraatti turte. yeroo waccus, "Mucattiin Loccuu fakkaattu kun hattuu dha; isheematu jalaa hate sirriittan beeka," jettis ture. hoggantuun sunis barsiistuu sana erga cal jechisiisteen booda, yeroo boorsaa mucaa bantee sakattaatu waan amanuun isaa nama rakkisu achi keessatti argite. innis firfaarii nyaataa ijoolleen kutaa isheetii nyaatanii hambisanii gaggatan ture kan mucattiin dhokattee deemtee lafa isaan itti dhangalaasani hammaarrattee boorsaa ishee keessa tuullattee turte; malee mi'a mucaa hatame sana hin turre!

Amanuu dadhaban. "Kun akkamitti ta'uu danda'aa? Maal goota ati firfaarii kosii keessaa walitti sassaabdee yeroo

boorsaa keetti tuultee deemtu?" jechuun gaafatan. Mucattiinis qaanoftee boquu isheen lafa ilaalaa, "Obboloota koo warra mana jiraniifan geessa! yoo ani geesseef malee lafa argatanii nyaatan hin qaban. hamman mana barnootaa kanaa galutti hoomaa osoo afaaniin hin qabiin akka eda galgala nyaatanitti hagabuu taa'anii na eegu!" jettee qaanii dhaan deebisteef. kanarraatti hoggantuun sun lafa ta'aa jirtuu ol kaatee gara mucattiitti siqattee mataa ishee ofiisheetti hirkistee rifeensa mataa ishee qaqqabaa, "Jabaadhu dhalakoo hoomaa hin sodaatiiniti mee waa'ee Abbaa kee fi Haadha kee natti himi," jettee gaafatte. Mucaanis imimmaan ishee dhangalaasaa,. "Abbaan koo kan nu jiraachisu konkolaachisaa waan tureefidha. guyyaa tokko garuu reeffa isaatu nuuf dhufe. 'maal?' jennaan balaa tasaan kan biraa wajjin walitti rukutamee akka du'e nuuf himan. inni kanaan adda nurraa ba'e. haati keenya immoo kan ittiin nujiraachiftu galii addaa hin qabdu turte. sababa kanaaf akka tasaa du'uu abbaakoo yeroo dhageessetti of wallaaltee kufte; achiis gara hospitaalaatti geeffamtee utuu hin turiin reeffi ishee nuuf deebi'e. Obbolaa dhiiraa xixiqqaa laman (2) qaba. isaaniinan manatti dhiisee dhufe . fira tokko illee waan hin qabneef garagalee namni nu ilaalu hin turre; har'as hin jirus. kana irraa kan ka'u waan nyaannus ta'e waan dhugnu tokko hin qabnu. Egaa

firfaarii gatamaa kana fuudheegalee lubbuu isaanii yoon oolfadhe jedheen akkas godhe. adaraa barattootatti NAN HIMINAA. yoo ta'ee illee har'aa kaasee gara mana barnootaa kanaa dhufee isin hin jeequ, barnoota koos nan dhaabaati. isin garuu adaraa adaraa barattootatti nan himiinaa jettee morma ishee gadi cabsitee sagalee ciccitaa fi boo'icha imimmaaniin guuteen kadhatte. Kanarratti Hoggantuun sun mucattii ofitti qabanii haammachuun uruursuu eegalan!

*( Seenaa kana midiyaa hawaasaa irrayin argadhe, duraas dubbisuu dandeessan garuu xiinxalaa hubadhaa)*

*✍Egaa seenaa kana*

*Obboleeyyan koo seenaa kana utuun boo'uun utuu harki koo hollatun isiniif maxxanse baay'ee na dinqisiises baayyee na gaddisiises baayyee irraa baradhes! Isinis akka irraa waa barattan abdiin qaba!*

*Animmoo kan gadii Kanan irraa hubadhee isiniif qoode.*

*✓ Waana gootuu tokko goote argaamu dursun waa'ee waan gochuuf jettu sana itti yaadii!*

*✓ Wanta namni tokko godhee ykn taasiisee irratti osoo hin hubaatin ariitin murtii hin kennin. Murtii dabaa ta'un cubbaama sii godhaa!*

*✓nutis booda gaabbuu irra jalqabuma osoo namatti hin*

*murteessiin dura haala  namootaa dursinee miiraa fi yaadaan qabnee haa hubannu.*

*✓Namni tokkoo haala inni keessa jiru hin beektuutii daftee itti hin murteessin dursa haalicha hubadhu!*


*Wallay namni waan rakkate hin beektuutii, waan keessa isaa jiru hin beektuutii, irra irra laaltee hin tuffatin, ammas osoo namni tokko badii fedhe dalagees deebi'ee toobatee ykn nama sii olii ta'uu dandaa'aa caluma jettee sababaa maletti hin tuffatin!*

*✓ osoo maraattuu kararra deemus ta'ee, kennaa rabbiin isa keessa kaa'e hin beektu, yookaa yaadaan xaxamee maraate malee sammuun nu  caaluu danda'a, nuti ammoo akkasitti hin fudhannu, kun hundi kan ta'eef waan nuti haala jijjirame kamuu xiinxallee hin murteessineef, waan nuti haalota nuu gadii hunda tuffannuuf. Kanaaf seenaan olii qoftuu gorsa gahaa namaaf ta'a, baayyee haasayuun hin barbaachisu. Rabbiin Nama waa xiinxalaa murteessu nu haa taasisu!  Dhumma irrattis, maraatuu isa maraatee jiru waan argiteef maraatu hin jedhinin hangaa humnaa kee gargaaruf yaalii!  Maraattumman yeroo baayee waan tokkof garmaalee dhiphaachun wanta sanaf miirraa ofii to'aachu dadhaabunis dhufu waan danda'uf.*

Inni biraa ammoo wantin jechuu barbaade,.
✍Namoonni tokko tokko ni jiru kanuma haalota(wantoota) hunda keessatti onnee fi miira isaanii qofa dhageeffachuun deebii haala ykn dhimma saniitiif gochatti seenuun beekkaman.

✍Warroonni akkanaa kun sababa itti dhiisuun waanuma itti dhagahamu qofaan gochatti seenu, kanaafis murteen isaanii miiraafi qalbii qofa irratti rarra'uuf sirroomina hin qabu. Inumaayyuu akka daa'ima of too'achuu hin dandeenyeefi bineensuma waan itti fakkaate wajjiin tarree isa hiriirsisa. kanaaf , atis tarii namoota si cinaa jiraniifi namoota naannawa kee jiran irraa waa baayyee xiinxaluu dandeessa. Hennaa/yeroo kana siin jedhu ammoo atis akka namoota sanaa akka taatuuf osoo hin taane, tarii yoo akka tasaa tarree lachuu keessa hin jirree akka tarree namoota gaaggaarii kan miira isaanii too'achuu danda'anii, kanneen onnee isaanii dhageeffatanii sababa wajjiin hiika sirrii itti kennan wajjiin akka hiriirtuuf.
Qalbiin teenya waan isiin hin hawwine hin jirtu, silaa guyyarraa fedhima qalbii teenyaa jela deemnees homaa guutuufii hin dandeenyu, isheen daqiiqaa keessattiiyyuu waan baayyee hawwiti, kanaaf waan qalbiin teenya nu ajajje sirumaan hamma sababa gahaa fi barbaachisummaa isaa hubannutti baayyee osoo jarjaruu baanneen yaada kooti. tarii isin waan jettan hin beeku.

## ✍ 4) nama kabajuun enyuun xiqqeesse?



*Akkasumas nama tuffatuun eessaan nama gahe!*

*Nama kabajuun mallattoo sodaa ykn lugnummaa osoo hin taane, bilchina sammuu fi dandeettii fageessanii yaaduuti*

*kanaffuu guddaa kenyaa ha kabajnuu nama har'a nama kabbajjetuu bor kabajamatii.. Kanaaf Namaaf gatii kenni.*

**Beekaas haa ta'u yoo tahees wallaala,gurrachaas haa ta'u yoo fedhees diimaadha. Waan wallaaleef isa hin tuffatin, yoo dandeesse miira isaa eegde akka baratu isa taasisu. Yoo dadhabde garuu tuffachuu baattee namummaa isaa yoo kabajjeef atilleen nama jireenya keessatti muxannoon hawasumma namoota wajjiin jiraachuu nama galteef jechuudha.**

*#Arra irra hedduun keenya akki itti waliif galuu dadhabne dugdaaf garaa nu godhee gatii namaaf kannuu dhabuu keenya.*

*Atummaan kabajamaa tahuu, atummaan beeka tahuu, atummaan nama coollee tahu kana jalatta miti? Of qofaan osoo hin ta'in obboleyyan keetinis jaaladhu! namni hundu akkuma ati nama bira biratti kabajamuu jaallattu isaanilleen ni jaalatan waan ta'ef isaanin xiqqeesiite ofii kee ol of hin qaqqabin.*

*Jireenya hawaasumma keessatti nama wajjiin jiraachuuf yoo xiqqaate 50% ol bakka waliif kennuu danda'uudha. Irra hedduun nama akkataan itti kophaa hafe ganda keessa mataa isaa kana nama kaanirraa adda godhee waan of ilaale qofaafi kan namni isa baqate. nutiis akka akkas hin taane adaraa xiqqaatulleen namaaf gatii haa kenninuu jechuun dhaamsa kooti.*

*Mee seenaa tokkoon isiniif haa dabaaluu..*

Dubartii baay'ee Maanguddoo taatee tokkotu mana baankii deemte. Achi geessees maalaqa muraasa #Eenyummeessa (Account) ishee irraa akka baafachuu

barbaaddu hojjettuu mana baankii sanaatti himte. Hojjettuun mana baankii sunis " qarshii meeqa barbaaddu?" Jettee gaafatte.

Maanguddoon sunis qarshii shantama(50 birr) qofa akka barbaaddu itti himte. Yemmuu kana dhageessu hojjettuun mana baankii sun nyaara guuraa, "Ayyoo nuti qarshii xiqqaa 5,000(kuma shan) gadii hin baafnu" jetteen. Maanguddoon sun rakkoo ariifachiisaaf akka barbaaddu itti himtee hojjettuu sanatti mararamtee kadhatte. Hojjettuun mana bankii sun garuu dhimmatti hin fudhanne. Akkasis jetteen, "Ayyoo, baankiin kun baankii guddaa maalaqaalee gurguddaa biyya keessaa fi alatti sosochoosudha. Maalaqa xiqqaa gaafattan kana dameewwan xixiqqoo irraa deemtanii baafachuu dandeessu" jetteen. Maanguddoon sun baay'ee aartee, waraqaa ittiin maalaqa baasan(withdrawal form) fuuldura intalittii fuutee guca(form) guuttee intalittiitti laatte. Hojjettuun sunis yoo ilaaltu maalaqa qarshii miliyoona 150 (one hundred and fifty million birr) baafachuu akka barbaaddu agarte. Baay'ee naate. Itti fuftees hollachaa akkas jetteen, "dhiifama, maalaqni isin gaafattanii jirtan kanuma isin #eenyummeessa_ keessan irraa qabdan ta'ullee yeroo kanatti baankiin keenya hin qabu". Maanguddoon sunis baay'ee kolfitee "meeqa qabduree?" Jetteen. "Qarshii miliyoona lama(2 million) siniif baasuu dandeenya" jetteen. Maanguddoon sunis "haa ta'u naaf

baasi" jetteen.

Hojjettuun sunis maallaqa jette baaftee laatteef. Maanguddoon sun maalaqicha fudhattee, qarshii shantama qofa keessaa fudhattee isa hafe eenyummeessa isheerratti akka deebiftuuf hojjettuu sanatti kennite. Hojjettuun sunis gochaa ta'e hundumaatti baay'ee saalfatte.

## *Ergaan isaa kunooti*

*✍nama kamiyyuu asii gad hin tilmaamiin. Tarii akka yaada hojjettuu sanaatti maanguddoon sun maalaqa qarshii 50 ol waan hin qabne waan itti fakkaateef baay'ee tuffatte. Dhugaan addunyaa keenyarra jirus kanuma. Yeroo danuu namoonni kabaja qaban, namoota #borcii qaban, namoota uffata gatii jabeessa uffatanii deeman, namoota bifa babbareedoo qabaatanii uumaman, namoota rifeensa miidhagaa qaban, fi namoota hanga guddaa(large size) qaban qofa dha. Kun garuu dogoggorsa.*

*✍Namni tokko eenyummaa isaatiin madaalama. Eenyummeessa isa keessaa; qal'aa ykn furdaa, bareedaa ykn fokkisaa, dheeraa ykn gabaabaa, harka-qal'eessa ykn dureessa ta'eef osuu hin taane ilaalcha, yaada, mul'ataa fi hojii isaatiin madaalamuu qaba. Namoota ija walqixaan ilaaluu haa barannu. Duubni namaa haala qilleensaa waliin jijjiirama, yeroo danuu hafee kan jiraatu garuu keessoo namaati.*

***Nama eenyummaa, namummaa isaatiin kabaji.***

✍Nama tokko madaaluun dura eenyummeessa isaa Adda baafachuun dirqam***a.*** *The Leadership is not about a size (Gaggeessummaan hammamtaa irratti hin hundaa'u). Hammuma namootaaf bakka laachaa deemtu dhoksaa addunyaa namootaa hubachaa dhufta. Kunimmoo milkaa'umsa keef murteessaadha.*

*-------------------------------------------*

## *5 Nama bakka inni Ni argama jedhamee hin yaadamnetti argamu ta'i*



☘Nama bakka inni ni argama jedhamee hin yaadamnetti argamu ta'i. Afeerraa irratti argamta jedhaamtee hin yaadamnerratti argami. #Nama waliin yaada wal dabarfatta jedhaamtee hin yaadamnee wajjiin yaada wal dabarfadhuutii argami.

Waan duratti baatee dalaagduufii waan duratti bahamee dalagamu qofatti hin amanin. Osoo namni as geessee jirtaa sin beekne achi geessee argamuun waan guddaafii akkaan nama gammachiisuudha.

#Namni akka keetii hedduu miti,namni akka keetii tokkolleenuu hin jiru! ati atuma! ati adda! inniis isuma, isiiniis isuma isaan yoo mullatan atiis dirqama mullachuun qaba jattee of butuchuu hin qabdu !
#Waan duratti baatee dalaagduufii itti mullattu caalaa waan duubaa namoota karaarra keessee dhiibdu jaalladhu. Namootaaf carraa dabarsitee laachuus filadhu akkas goonaan yeroo booda bakka hin yaadamneen mullachuun kee hin oolu waan ta'eef !

✓jecha hayyuu kanaa hubadhu Mee “Osoo beekkamaa hin ta’in hayyuu ta’uu yoo dandeesse,akkas godhi. ***Dhugumatti namoonni wanta si keessa jiru yoo beekan foon kee nyaatu.”Sufyan al-sawri.***

✍ Eeyyen sanatu siif caala!
#Addunyaa yoo baaya'atee waggoottan 80 or 70 qofa irra jiraannu tanaaf jannee namootarratti akka if hin tuulle. Kun sadarkaan sadarka naan maltuu miti jennee hiyyeeyyiirratti akka of hin gurguddifne.

Afaaniin jechuu baannulle gachaan akka akkas hin goone.

Nama gaarii haa taanuu! Nama ilma namaa cufa biratti bashaashaa; kan hiyyeessa waliin taphatu, kan dadhabaa waliin yaada wal dabarfatu, kan gaarummaan isa isaa biraatiif fakkeenya taatu haa taanuu!

✓Hadaraa namarratti hin boonin "***Nama beekaa cufaa ol beekaatu jiraa, nama jabaa cufaa ol jabaatu jiraa, nama sooreessaa cufaa ol sooreessaatu jiraa, cufa nama sadarkaa qabuutii ol nama sadarkaa qabuutu jiraa!  Kanaafuu,*** Bara muraasa jiraannu kana keessatti ashaaraa hammeenyaa onnee namaarratti katabnee akka hin deemne!

✓mul'ata qabaadhu! Kanneen olitti haasa'ame hundarraa bilisa taataa.

***"Mul'atni waan namni si keessatti hin agarre, kan ati qofti of keessatti agartuu dha"*** **— Albert E.**

Mul'atni humna jabaa qaba. Mul'ata jechuun waan fuula dura ta'uu feetu keessa keetitti arguudha. Mul'atni dandeettii ati qabduu fi fedhii keessa kee jiru irraa madda.

■ Nu hundi jireenya keessatti waan barbaadnu qabna. Waan barbaadnu kana galmaan gahuudhaaf mul'atni barbaachisaadha. Mee waan takka si haa gaafadhu.

➛ Fuula dura eessa gahuu barbaadda?

➛ Maal argachuu barbaadda?

➛ Mul'atni kee maali?


Gaaffiilee kanaaf deebii isaa argatte taanaan imala daandii milkaa'inaa irra jirta beeki!

✓Mul'ata kee galmaan gahuuf wanti si irraa barbaadamu dandeettii addaa qabaachuu miti, itti amanuudha. Mul'anni kee hangam guddatus itti amantee ammuma hojii jalqabnaan wanti itti gahuu irraa si dhoorku tokko illeen hin jiru. keessi kee waan akka sitti ulfaatu sitti himuu danda'a. Garuu, sammuu kee amansiifnaan fudhattee yaada itti mul'ata kee galmaan gahuu dandeessu siif burqisiisuu jalqaba. Sammuu kee akka dandeessu fudhachiisi! amansiisi! Jijjiirama inni fidu arguuf teessa. Hangam guddatus hin sodaatin galma ni geessa!

Kanaaf mul'ata qabaadhu, mul'ata keetiin booni malee namarratti hin boonin! Bakka addaatti argami!

Bakki ati Amma irra jirtu kun bakka siif maluu danda'u miti ta'uu danda'a, ati bakka kanaa oli, ammas bakka hin geenne! Tattaafadhu hamma bakka kee geettutti. Kanuman jedha!

# 5) Ofitti hin Qoosin!



## Of jijjiruudhaaf eenyuun eeggatta ?

Fedhiin ilma namaa baay'ee guddaadha. Yaadanis,tahu qaamaan fiiganii bira gahuun ulfaataadha. Waan yaadaniif waan barbaadan sana bira gahuudhaafis gufuuwwan hedduutu nama dura tarraa'ee jira.

Gufuun jiraatus dhabamus warri Kaayyoo qabaniif milkiidhaaf hirribni isaan hin qabne gaarreeni fi hallayyaa gurguddaa nama nyaachuuf jedhu sana irra darbanii fedhiifi hawwii garaa isaanii keessa jiru sana ija guutuudhaan dawwatu. Lafa  yaadde sana gahuudhaaf fedhii guutuu qabaachuudha malee qabeenya guutuu qabaachuufi fira guutuu qabaachuun sirraa hin eegamu. Kana hundaa qabaattee yoo bakka yaadde sana geessu tumsa yoo siif taasisan  baay'ee gaariidha. Yoo kana dhabde immoo fedhiin ati keessa keetii qabdu lafa ati yaadde sanaan si gahuuf humna guutuu qaba.

Namoonni hedduun karoora isaanii qabeenyaaf dandeettii nama biroo irratti xiyyeeffachiisu. Akka yaada isaaniitti wanti isaan abdatan sun akeeka isaatin akka waan isa gahuutti guutuu godhanii of ilaalu. Jabinaaf dandeettii qaban waan abdatan sana keessa awwaalu. Haga wanti isaan abdatan ijaan ilaalan isaan bira jirutti hojii gaariif bareedaa hojjetu gammachuun isaanis guutuudha.  Yoo Wanti isaan abdatan sun faara itti jijjirratu humniifi abdiin


isaan qabanis faanuma jijjirama.  Mul'anni isaan qaban sun illee utuma jabaatee isaan keessa jiruu gaafa waan isaan itti hirkatan sun jalaa jigu dadhabaa dhufa.

Jarreen kun utuu kuttannoo guutuudhaan mul'ata isaanii irratti xiyyeeffatanii dhaabbachuus danda'anii  silaa miidhamni mul'ata isaanii irra gahu hin jiru. Yoo ati fedhii keessa kee jiru irratti xiyyeeffatte qaamni bitaaf mirgaan yoo kufe kan ati itti hirkattee jirtuuf kan si utube sun Mul'ata keessa kee jiru sana waan taheef wanti si naasisu hin jiru.

Imala jireenyaa keessatti Of tahuun nama injifachiisa. kanaafuu qabeenyi kee inni guddaan waan si keessa jiru sana eeggadhu malee qaama alaa milkaa'iina keetiif hin kennin.   Yeroo tokko tokko waanuma nu keessa jiru of keessatti dhiifnee ykn dagannee ala barbanna,qaama biraas eegganna akkas tahuu hin qabu. Kun anaaf ofitti Qoosuu jedhama!

Yeroo tokko tokko ammoo gammachuu keenya ni dhabna gammachuu dhabne kana of keessa dhiifnee karaa biraatiin gammachuu keenya sana barbaanna. Gammachuun kee waan si keessaa miidhame sanaan dhabame malee gara biraatin miti. Kanaafuu wanta si duraa dhabame sana gara biraa hin barbaadiin hunduu si keessa waan jiruuf.

# 7) Addunyaa Mataa keetii Bocadhu!



*Nama tokko ta'uun kee wanta jireenya kee keessatti ittiin jijjiiramtu hunda hojjachuu irraa of dubaatti si deebisuu in qabu. Kophumma keettu ati wanta addunya kanaaf dalaagde darbuu dandeessuu kaminuu dalaagdee darbuuf ati nama gahaadha!*

*#Hubadhu: - Namni kaayyoo isaa beeku fi kaayyoo isaa sana irratti kutannoo fi onnaachuudhan hojjatu tokkichii addunyaa kana jijjiiru danda'a jedheen yaada.*

*sababni isaas, waantoota gurguddaa kalaaqufi hojjeechun gahee isaanis adduunya kanaaf gumaachun namoonni har'aa galmee seenaa keessatti barreefaamani jiraan hundii isaani akka dhunfaa isaanitti shakala jabaa fi ifaaje jabduun booda wanta ilmi nama kallatti isaaniti akka itti fayyadaman taasisan hundii isaani tokko tokkotti wanta adunyaadhaf bu'a qabu gumaachanii jiran. Kanaaf namoonni nuun dura dabran kan jireenya saani foyyeessanii namoota biraatifillee fkn tahan isaan kophaa saani karoora baafatanii ifaajaniidha. Atiis ni dandeessa maaltu si daangeessa akkasaanitti dhaloota siboodaf seena dhiisu? Ati tokkichii Sammuu keetti fayyadamnaan jijjiiramuun kee waan hin oolle.*

*Jirtaa, namni siin jedhu hin eeggatin!*

*Haga namni jirta siin jedhutti, jiraachuukee ofiif ragaa ba'uu hindandeenye taanaan hin jirtu.*

*Kanaaf ka'i addunyaa Mataa keetii Bocadhu!*

*Ati jirta. Kaayyoo guddaa qabattee uumamtee lafa kanarra jirta. Ani jira ofiin jedhi! Ani kaayyoon jiraadhuuf qabadheen jiraachaa*

*jira jedhii ofitti dubbadhu! Of-hamileessi! Ofiif ofitti ragaa ba'i!*

*Ammoo wanti siif dhaamu" **addunyaa lafa kanarraa barbaaduun yeroo kee hin dabarsin. Bakkuma jirtu jiraadhu Jireenya mataa kee uumadhu"***

*⇰Addunyaa mataa keetii, akka siif ta'utti bocadhu! Addunyaa ofiif uummatte sana keessa jiraadhu! Sitti tolee, gammaddee jiraachuuf carraa qabda. Nidandeessa. Waan feete gochuu dandeessa. Jireenyikee harkakee keessa jira.*

*Akkuma shiv kheran jedhe MOO'ATTOONNI HOJII BAAYYEE HIN HOJJATAN HOJII TOKKO KARAA BAAYY'EEN HOJJATAN MALEE"*

*Hojiin hedduu of-dura keessee burjaajjii keessa hinseenin! Hojii hojjechuu qabdu beekii filadhu! Karaa milkaa'ina hojii sanaa barbaadi! Karaa tokko yoo kufte, karaa tokko nikaata. Ammallee milkaa'innikee harkakee keessa jira.*

*Ani nama tokko homaa addunyaa kanaa kophaa Koo waa buusuu hin danda'u hin jedhin.*

*Hayyuu tokkotu akkana jedhe*

***"Gargaarsaaf gara eenyuullee hin ilaallu. ofuma keenyaa rakkina keessaa ba'uu qabna. sana booda bu'aa gatii kafaluun dhufu dhalootaaf dabarsina."****(Moa china)*

*. Eeyyen dhugaadha! Ani nama tokko jettee kufaatii/rakkina hin sodaatin! yoo rakkatteeyyuu bu'aa bayii ati keessaa dabartee milkoofte sanarraa namoonni waa baruu.*

**Jibbamuuf jaalatamuun , abjuu kee hin daangessin**

**Kufuuf ka'uun si hin yaaddesssin!**

**Mul'achuuf dhokachuun si hin dhibin!**

**Du'uuf jiraachuun dhuma sitti hin fakkaatin!**

**Ari'atamuu fi fudhatama dhabuun si hin jilbeenfachiisin.**

***✓Ati addunyaa kanaaf barbaachisaadha.***

*~Nama addunyaaf barbaachisu ta'u kee namatti osoo hin ta'in ofitti agarsiisu danda'u qabada.*

*Ati ani addunyaa kanaaf nama barbaachisa miti jette kan of yaadduu taanan ofii keetif ta'e hawaasa keessa jiraattuuf waan gaari yaadu, karoorsuus ta'e hojjachuu hin dandaeessu.*

*Maati keenya keessatti,hiriyoota keenya keessatti,hawaasa keessa jiraannu kana keessati namoonni hedduun miira kanaan miidhamoodha. Maliif?*

*sababnii isaa guddaan inni addunyaa kanaaf nan barbaachisa jedhee waan ofitti hin himiniif.*

*kanaaf ati adunyaa kanarra lakkoofsa guutu taate dhalatte malee lakkoofsa guutuf hin dhalanne.*

***Akkasitti of beeki.***

# 8) OF ARGADHU!


OF ARGADHU
jechi "hindanada'amu" jedhu
GAALEE warroonni balabala
kufaatii seenuuf irratti hiriiran
afaanii hin buufanneedha!
@myquote

SAFFISAAN GARA DURAATTI  DURSITEE DORGOMUUF JALQABI

*Jalqabuuf dursii "UF ARGADHU"*

*marsaa ykn kennaa ganamaa kan uumaan siif kennee ittiin si uume san akka argatuuf yaali!*

*wanta yeroo baay'ee osoo hin beekin dalaaguu fii wanta dalaguu jaallattu sun kennaa ganamaati gara kennaa sanaatti bobba'i. kennaa addaa kee saniin yoo hojjatte eennuyyuu siin hin dorgomu. ati yeroo san INJIFATAA dha.    saffisa ykn hurrisa guddaadhaan addunyaa gara duraatti ceesisi!*

*Jechi "**HIN DANDA'AMU" jedhu GAALEE  warroonni balbala kufaatii seenuuf irratti hiriiran afaanii hin buufanneedhedha .** warri Fiixee milkaa'inaa bira gahuuf ifaajan jechoota kanaaf bakka hin kennan.  kanaafuu jechoota kanarraa of haa qusannuu.*
*Jireenya kee milkeessuuf ammoo tooftaalee gadii kana fayyadami*

*jireenyi bara kanaa wal xaxaa waan ta'eef qabsoon jireenya irratti adeemsifamu daraan ulfaata ta'ee jira. Injifannon jireenyaa bu'aa ifaajuti malee carraa miti.*

# Jirenyatti milkaa'uuf maal gochuu qabna?

*✍MURTOO QABAACHUU.        namni humna dinqiisisa ta'ee tokko qaba. Innis, humna  waan* barbadee filachuu!

Jireenyi akka suuqi bakka waan barbadde filattuti, bilisumman guddichi addunyaa kana irra jiruu bilisumman  waa tfilaachu danda'utti. Kunis, waan tokko waantoota baayee keessa filachu dandaa'udha. namni waa filachuu ykn murtessuu hin dandeenye harka qullaa gara mana isaatti kan deebi'uu ta'uun isaa beekamadha!

Jireenya kessatti yeroo filannoleen garagaraa siif dhiyaatan filannole jiran giddudha isa siif caalatti bu'aa qabuu irratti xiyyefadhu.

### ✍WAAN XIXINNOOF XIYYEFANNAA KENNU!

namni battala tokkotti utaale ji'a irra qubate hin jiruu. Hundumtu bakka gahuf adeemu kamu humnaa gudda fayyaadamun suuta kan gahu danda'u. Kunis, suutaa adeemuun kee waan dadhaabdef ykn dhiibaa'umaf osoo hin taane bilchaata adeemun booda sirritti akka of dandeessuufi. Kanaafuu, sadaarka kamirrayyun gahuuf waa'ee fiiganii achii gahu qofa osoo hin taane suutaa adeemuf tiiraananis akka jiru beekuutu barbaachiisadha. Guddini sadarkaa sadarkaan dhufa malee battala tokkoti waan ta'uu miti!

Fixee gamootti olba'uuf sadarkaale gammochaa kessa jiran tokkon tokkon isaanirra ejjeechuun dirqaama akka ta'ee beeki!

namni battaluma tokkotti ji'a irra qubachuu yaalu yeroosuma kufa!

### ✍YAADA GUUTUDHAAN WAAN TOKKO IRRAATTI XIYYEEFACHUU!

*namni miilla isaa bidiruu garaa garaa irraa dhaabe bishanin liqifamuun isaa hin oolu. Waraana irratti injifannoo galmessuu yoo barbadde yaadakee bakka lamatti hin hirin. Shakkas waraanichatti hin seenin humna kee guutudhan itti adeemi!*

*si'a tokkotti hojiima tokko hojjedhu!*

### ✍OF TO'ACHUU!

*of to'achuun haadha injifannoo hundaati! Injifannon firii of to'annoti! Jireenya kessatti of to'achuun akka fireeni makinaati. Kallatti dogogoraa irra akka hin deemne ykn makinoota ykn meshalee kan biroo wajjin akka waalitti hin buune eega.*
*namni of to'achuu danda'uu addunyaa bita!*

*Dhumarratti wanti jechuu barbaade inni gudddaan,*

*Wanti akkanumatti kaayyoo malee uumame tokkoolleen hin jiru. Uumamni*

*hundi ergama addunyaa kana irratti bahuu qabu wajjiin dachii kana irratti fidame. Wanti uumama kana hunda irraa eegamus ergama inni ergameef adda beekee bakkaan gahee addunyaa kana irraa darbuudha. Sabaabinsa, addunya kanarra barabaraan jiraanna miti. Hangaa yeroo nuuf kennaame jiruutu jira. Nuttis hangaa guyya sana fiixnutti jiraanna. Garuu, hanga guyyaa keenya nuuf kennaame jiruu sana keessatti akkata mataa keenyatti gahee tokko bahaachun addunya kanaaf akka waa gumaachinufis imaana guddaan nutti kennaame jira. Gahee keenya sana bahaachuufis yeroo keenya amma. Addunya kanaarra caallisaan darburra hangaa dandaa'amee hammuma dandeenyu dubbaachutu gaariidha. Kanaafuu, daandii jireenya kee adda baaste beekachuun akeekaadhu.*

*○ Namni eessa akka deemu hin beekne jalqabuus xumuruu hin danda'u. Karoorfatu bakka hin ga'u. Namni Jireenya isaa keessatti eessa akka deemuu fi kaayyoo dachii kana irratti fidameef beekee hubate jireenyi itti mi'aawa. Waan hojjatu hunda ifannaa malee jaalatee hojjata.*

*○ Rakkoon irra guddaan keenya eessa akka deemnu beekuu dhabuu fi Maalif akka addunyaa irratti dhufne wallaaludha.*

*○ Nuti hundi galma gahuuf imala irra jirra, garuu eessa akka imallu hin beeknu, imala keenyaf wantoota nu barbaachisan adda beeknee hin fudhanne.*

## Mee amaloota namoota ciccimoo siif himuu?

***Namootni ciccimoon**:*

*Yeroo hedduu haalaan hin geggeeffamani; haala ni to'atu, yookaan haala irraa of to'atu, yookaan immoo haala ni mijeessu, yookaan ni geggeessu. Fakkeenyaaf, oolmaan kee Feesbuukii irraa, naannoo yookaan haala ati keessa ooltu keessaa isa guddaa tokkodha. Yaadotnii fi oduun gaariinis ta'e hamaa, to'annoo keen alatti yaada kee jijjiiraa, si jeeqaa, dhiibbaa si irratti godhachaa oolu taanaan balaa keessa jirta.*

*Namootni ciccimoo hin taane, maal akka hordofan, maal akka*

*dhaggeeffatan, dhiibbaa inni irratti qabu, maal gochuu akka qabanis adda baasanii hin yaadani. Kanaaf, wantuma hedduutu akka arge isaan oofa.*

*Fakkeenyaaf, namootni ciccimoo hin taane, yoo ati arrabsite maaliif akka arrabsaman, maal gochuu akka qaban, wantoota gochuu qaban keessaa immoo isa kamiin raawwachuu akka qaban, kamtu akka wayyu yaaduu isaa hin dhaqan. Ati arrabsinaan, isaanis deebisanii si arrabsuutu itti salphata.*

*Namootni akkasii, fakkeenyaaf, oduu Feesbuukii kana irraa yeroo hunda odeeffamuun miidhamoodha. Sobas ta'u dhugaa, hunduma ishee hordofu. Namatu utuu beekuus ta'e utuu hin beekin ajandaa oduu tokko odeessee itti kenna, jala buusa. Achii booda isaan odichaan miidhamuu fi babal'isuuf haal-duree tokko illee hin qaban. Adda baasuu fi maal yoo godhan akka wayyu yaaduu isaa hin barbaadan---oofuudhuma.*

*Akkasitti jireenya kaayyoo hin qabne jiraatanii oduu namaatiin jireenya isaanii har'aa fi borii barbaadeessu. Yeroo isaaniitti hin hafan, akkasuma immoo ofiis carraa namoota biroo dogoggorsuu hedduu qabu. Namoota akka isaanii hedduu karaa hin taane irra geggeessu.*

*Amalli namoota ciccimoo garuu akkas miti.*

***Namootni ciccimoon kaayyoo sirrii ta'een geggeeffamu.***

*Kaayyoo isaanii kanaafis bulu. Gochi isaan guyyaa guyyaatti dalagan, dubbii isaan dubbatanii fi barreessan hedduun isaa qaama kaayyoo isaanii kanadha. Sammuu isaanii fi hubannaadhaan geggeeffamu malee oduu namaan hin bulan. Namoota akkasii irrattis ta'e biratti yoo odeeffamu, isaaniin hin ajaa'ibu. Wanti ta'aa jiru hedduun isaa wanta isaan duraan yaadaniidha. Maal akka yaadan, maal gochuu akka qaban, rakkoo tokkoof maddi isaas falli isaas maal akka ta'e buusanii baasanii yaadu. Namoota furmaataati malee rakko-uumtota miti.*

***Namoonii ciccimoon, wanti hojjetamuu fi odeeffamu kam iyyuu fedhii isaanii malee akka dhiibbaa hin taane irratti hin godhanneef of eeggatu.***
*Maal akka dhaggeeffatan, maal akka dubbisan, maal akka*

*dubbatan, maal akka raawwatanis bareechisanii beeku.*

*✍Amaloota namoota bebbeekoo keessaa inni biraan tokko immoo, yeroo hundumaa sammuun isaanii banaadha. Beekumsa dabalachuuf, oogummaa fi dandeettii dabalachuuf, gabbifachuuf yeroo hundumaa banoodha. Wanta gaarii irraas, wanta hamaa irraas wanta baratan qabu. Maal akka godhanis irraa hubatu malee ittiin hin miidhamani.*

***Cimina isaanii namoota duratti mirkaneessuufis hin dhiphatani.*** *Namootni yoo isaan hubatanis hubachuu baatanis, isaan, irra caalaa waanuma gochuu qaban godhu malee haalaa fi oduudhaan hin jeeqamani.*

***Of hin tuulani****. Siluma iyyuu cimoo waan ta'aniif, ofiima isaanii fakkaatu malee, akka nama cimaa hin taanee nama cimaa fakkaachuuf yaaluuf of hin tuulani. Amalli hamma ofiin alatti of tuuluus, amala nama cimaa hin taanee akka ta'e bareechanii beeku.*

***✍"Of hin jajanis."*** *Hojiin isaanii inni gaggaariin akka isaan boonsu waan beekaniif, ofiin of leellisuuf hagas mara hin dadhabani.*

***Amalootni namoota ciccimoo fi ciccimoo hin taanee illee hedduudha****, ammaaf garuu kanuman tuquu barbaade. Mee isin immoo maal jettu? Yaada kana keessatti of ilaaltaniittuu? Madaaltaniittuu? Wantoota baay'ee madaaltaniittuu?*

*Mee ilaalaatii wanta irraa fayyadamtan fayyadamaa. Yaada qabdanis bakkuma yaadaa armaan gadiitti naaf eeruu ni dandeessu. (Maxxansa: Ifargan gudataa)*

# 9) Ivan Fernandez



Ivan Fernandez jedhama kan dhalate waxabajjii,10, 1988 atileetii lammii biyya Ispeenii ti seenaa ajaa'ibaa tokko hojjatee ture, addunyaan hundi guyyaa tokko fotoo isaan guutamte

Bara darbe keessa isinis yaadachuu dandeessu ta'aa, Atileetiin biyya Keeniyaa Abel Mutai Fiigicha Dheeraa tokkoffaa irratti fixuudhaaf Sarara dhumaa irraa tarkaanfii muraasa yommuu isa hafu waan xumure itti fakkaatee dhaabbate. Atileetiin biyya Spain Ivan Fernandez immoo isumatti aanee lammaffaa irra duuba isaa kan ture Atileetiin Keeniyaa confused ta'uu isaa waan hubateef "hin dhaabatiin itti fufii xumuri" jedhee itti iyye. Atileetiin Keeniyaa sun garuu afaan Spanish waan hin dhageenyeef ammas isaaf hin galle. Sana booda Atileetiin Spain Fernandez akka isa hubataa hin jirre waan isaaf galeef Atileetii Keeniyaa sanaan gara fuulduraatti achi isa dhiibee, sarara qaxxaamursee tokkoffaa isa taasise. Kanaan walqabatee bariisaa lammaffaa sana guyyaa tokko keessatti fotoon isaa 81,000 ol namootaaf share ta'e, like 136,500 oli fi comment 8,000 ol argate sababa kanaanis hordoftoota miliyoonaan laakka'aman

argachuu danda'eera.

Gochi kun kan qalbii isaanii hawwate Gaazexeessitoonni itti dacha’anii “Maaliif kana gootee? Ati ofiikee maaliif tokkoffaa hin baanee?” Jedhanii gaafatan. Atileetiin biyya Spain Ivan Fernandez deebisee *“Abjuun koo guyyaa tokko Jireenya Hawaasaa kana keessatti namoonni duubatti wal harkisuu dhiisani , gara fuulduratti Wal dhiibanii, Wal gargaaranii , moo'ata yommuu Wal taasisan arguudha. 'I didn't deserve to win it', 'I did what I had to do'* " jedheen. Kaayyoon isaa guddaan Ani dogongora uumameen nama moo'uu hin barbaadu dandeetti koon qofa yoo ta'e malee, dhugama atileetiin kun moo'uus danda'a moo'amuus danda'a inni garuu dogongoraan waan dhaabateef inni caalee medaaliyaa sana fudhachuun itti hin Tolle!

Har'a nama akkanaa kana Ni argituu?  Eessatti argitu? angaayoota mootummaati? Geggeessitoota amantii garagaraatii? Anaaf si'ii? Eenyuma laata.

Anaaf atihoo osoo wanti akkanaa nu muudatee silaa akkam goona turre?  Ni gammadnaa mitii, eeyyen kaa!  meedaaliyatuu nu cinaa jiraaf. garuu hojiin

atileetii kanaa faallaa keenya kana ta'ee argame. namummaa jechuun akkana! waan ofii jaalattuu hiriyyaa keetiinis jaalachuu, waan ittiin gammadu waahila keetis gammachiisuu nu barsiise.

Osoo namni hundi akkana yaadee, " ***nu keessaa namni moo'uu qabu haa moo'atuu!, nu keessaa namni dursuu qabu haa dursuu!*** Jechuun danda'amee bareeda ture sila. Nuti ammoo akkam Jenna seete, "Yaa Rabbi na moosisi!" Kun akka yaada kootti sirrii natti hin fakkatu, Mee akkana osoo jennee hin wayyuu laata, " ***Yaa Rabbi anaafi morkataa Koo keessaa nama moo'uu qabu moosisi, nama milkaa'uu qabu milkeessi!"*** Jedhuu haa yaalluu atileetii olii irraa haa barannuu.

Garuu baayyee ulfaachuu danda'a, "moorkataa ofiif moo'icha kadhachuun" Kun bilchina sammuu guddaadha! Hundi keenya bilchina akkanaa osoo horachuu dandeenyee maal isinitti fakkata.

# 10)✍Nama sababaa qofa hin ta'in!



*Namni sababaa waanuma sirraa barbaadu sirraa eeggata. Waan sababeeffatee si hiriyoomfate, si firoomfate, ittiin sitti hirkate, waan sirraa buufachuu fedhe yoo sirraa dhabee mataa isaa hamma gaanii/okkotee sitti geessifata. Aarii yoon jedhe sun naaf inibsu waan ta'eefi. Mee miiltoowwan kee sakatta'i. Waan yeroo dheeraaf barsiifte, waan si irratti jaallatan, waan godhaafii turte addaan kutiitii altakkaaf ilaalimee. Yoo si wajjin hafan isaan miiltoo gaariidha. Kanaa achi garuu, nama tokko ofbiratti in argitu. Kanaafi Oromoon, Yaa orma gaafa kolfaa, yaa fira gaafa golfaa" kan jedhuuf...*

*Eeynumma Keef jiraadhu malee nama sababaaf jiraatu hin ta'in*

*Matummaan jireenyaatu inni jalqabaa tokko eenyumma keef jiraatudha.*

*Ati eenyumma keef jiraachuun jireenya badhaadhaa akka jiraattu kan sitaasisuudha.*

*Namoonni jijjiirama mataa saanitiif abdii tahan martii saanitu eenyumma saanitiif kan jiraatanidha.*

*Nadhagahi mee, ati nama itti gaafatama mataa isaa qabu tahuu kee hubadhu. Itti gaafatamummaa mataa kee kanaa bahaachuufis hojjedhu!*

*Kan nama ajaaibu namonni tokko tokko yaada mataa isaani keessa burqee hojiitti hiikuf kan nama saalfataniitu (qaanfataniitu ) jira. maalif ta'a kun? Dogongoraas ta'e yaada sirriis yoo ta'e erga itti yaadde yaada san itti amantee hojiin argamsiisu qabda.*

*Sababni isaa ati nama eenyumma ofii beekudha.*

*Yaadni kee kan sirrii sitti fakkaate hojjatte san nama biraaf dogongora ta'u mala garuu ati eenyummaa keetti akka amante sammuu keetti himtee jirta jachuudha kanaaf nama eenyumma isa beekuudha*

*Addunyaan kun namoota eenyumma ofitti amananiif bakka qaba garuu namoota eenyummaa isaanitti hin amanneef jiraachun saanitu isaanif rakkoo ta'u danda'a.*

*Kanaaf jiruuf jireenya kee keessatti nama eenyumma isaa tiin boonu ta'i.*

*✍...jireenya baratamoo hawaasummaa keessatti laaqamnee, ulaagaalee hawaasni nuf kaa'en, sarara naannoon keenya nuf sararteen dandeettii keenya daangessinee hanga Yoom Jiraanna.*

*Abjuu keenya Namoonni biraa arguu Waan dadhabaniif qofa soba nutti fakkaatee, Abjuu dhugoomuu danda'an meeqatama maalif dukkaneessina.*

*Kaayyoo keenya akka keenyatti nama nuf laalu Waan dhabne qofaaf, kaayyoo keenya boolla Abdii murannaa keessatti qonne awwaalle. Kaayyoo Kenya kan dhuunfa keenya waan ta'eef IJA waloo namoota wajjini keessatti Falun Isaac dirqaama miti.*

*Dandeeytii keenya namni akka nuuf himu osoo*

*eegnuu humnaa fi dandeeytin keenya akka baala mukaatti nurraa xowlagan.*

*Kan nu fakkaatu namoota gidduu barbaannee Waan dhabneef nama fakkaachudhaaf tattaaffii egalle, nama biraa fakaannee bilaasha(akkaasumani) taane hojiin keenyas bilaasha ta'ee hafe.*

*Wal fakkaachun jiruu keenya Waan nuuf salphisu nutti fakkaatee eenyummaa keenya irraanfannee walfakkaanne, Yeroo San addaa adduummaan keenya du'e, addaa adduummaa keenya wajji eenyummaan keenyas du'e, eenyummaa keenya wajji kaayyon keenyas du'e,  midhaginni keenyas bade sababni isaatis midhaginni keenya kan calaqqisu Addaa addummaa keenya keessatti ture.*

*Mee hangam keenyatu hojii jaallannu hojjechaa jirra? Jiruu hiika nuuf kennu,*

*Hangam keenyatu Waan jiraachuudhaf sababa nuuf ta'u qabna?*

*Irra hedduun keenya rakkoowwan keenyan Wal barannee jirra,  kufaatii keenya jaalalan fudhannee jirra, waa'ee jiruu jiraannuu Waan takallee Godhuuf*

*humna Waan qabnu nutti hin fakkaatu. Garuu, humnaa guutuuf gahaa waan kamiinu gochuuf dalaaguu danda'uu immoo guddaa ta'ee kan mataa keenya ni qabna.*

*Carraa ykn nama jiruu keenya nuuf jijjiiru hanga dhufuu eegna, kana jidduun keessi keenya suuta suutan du'a. Kanaafuu, kan dhufee karaatti nutti haa dhufu nutti kaanne sochoo'uti qabna.*

*Dhugaa Namoonni hedduun beekan garuu kan Namoonni wa xiqqoo jiraatan Isa kana jiruu keetif itti gaafatamummaa yoo fudhatteefi Waan ta'uu barbaaddu yoo murteeffatte Adduunyaa kanarraa yoo dhiibaa'umaa mataa kee hin ta'in deemsa keetirraa kan si hambisu tokkolleen hin jiru .*

*Dhugaadha! Karaan kee hundi isaa siree irraa gara siree sif hin ta'u, rakkoo hedduutu si qunnama, sababni isaatis osoo Karaan Milkaa'inaa salpaa ta'ee namni hundi ni milkaa'a ture. Garuu Wanti nuuf salpisu tokko ni Jira innis --ati jiruu kee hangam takka jijjiiruu barbaadda? .*

*Ammas Nan jedha Afaan guuttadhee, "Nama*


*sababaa qofa hin ta'in!" Namuma sababa xinnoo guuree of sobu, barataa yoo Grade F fide barsiisaa sanatu badaadha jedhu, garuu dhugaan jiru barsiisaan Jireenya kee irratti dhiibbaa uumuuf deemu ni takkata hanga badii sana nama birootti qabnu , maaf anoo rakk**inna/hanqina maalii qaba jennee of hin gaafannee? Namatti quba tokko yoo qabne afur nutti akka garagalu haa beeknuu.***

***#nama sababaa hin ta'in!***

## *Of sobaa jirtaa!*

## *#Of jijjiiruu yoo feete hanqinaa mataa keetiin qawaa sii mudateef qaama bira hin hammaatiin. Dadhaabina mataa kee beekuun kallaatti dadhaabina kee sana waan jabeessun humnatti jijjiruu dandaa'u argaachuuf tattaafii eegaali.*

# 11) Seeqi


.seeqi!
Seequu baayyisi garuu
seeqiinsi kee namootaa
filatee odoo hin taane
nama hundaaf tahuu
qaba
@myquote

*Jireenya namaa keessatti wantoota hariiroo namoota wajjiin qabsu siif dabalu keessaa inni tokko seequudha.*

***Namoota wajjiin jiraachuu yoo feete qabxii jahan(6) gadii guuti.***

*#Namootaa wajjiin akkamiin jiraachuu dandeessa. #Namuma nama tahee hiriyyoomfattee wajjiinuu jiraachuu ni dandeessa. Yoo qabxiiwwan armaan gadii kana guutteee seerarra oolchite.*

*1,Nama waan takka siif godhe galateefachuun sitti haa baruu keessattuu nama hiriyyaa kiyya jettee filattee wajjiin jiraattu akkaan galateefadhu yeroo inni waa siif godhe.*

*2,Kennaa namaaf kannuu amaleefadhu. nama waa siif godhees tahee kan siif hin godhiniis sababaa hiriyyaa kee tahe qofaaf kennaa isaaf kanni. Jaalalaatuu isiniif dagaaga waan taheef.*

*3,Nama hiriyyoomfattee wajjiin jiraattu tokko itti haajamuu xiqqeessi. #Haajaa akkam jabaa yooniif tahe malee haajaa hunda haajaadha jettee "waan akkanaa waan akkasii naaf godhi, waan akkanaa waan akkasii na gargaari" jechuu hin baayyisin. lakkuma akkana jechuu yoo baayyistuun jaalalalli dhumattee jibbi dagaaguu jalqabaatii.*

*4,Seequu baayyisi garuu seeqiinsi kee namootaa filatee osoo hin taane nama hundaaf tahuu qaba. #Namni akkaan seequ jaalala hawaasaa akkaan argata.*

*5, tasgabbii  jiddu galaa, hariiroo namoota waliin qabdu  keessatti nama arrabsuus tahee keessatti nama xiqqeessuun akkasuma ammaas keessatti qalbii nama cabsuun hin jirre hiriyyoota kee bira yeroo jirtutti godhi. Gaarummaan akkasii jaalala siifii hiriyyoota kee jidduu jiru haalaan haalaan cimsaatii.*

*6,Waan hojjattuufii dubbattu keessattiis laafina qabaadhu namarratti hin jajjabeessin. Nama amalli isaa nama dirquu hin taane kan amalli isaa laafina namaaf qabu tahi.*

*Namootaa lafa tanarra jiruu wajjiin jiraachuu ni dandeessa yoo qabxii jahan guuttatte.*

*Mee ol tokko ol deebi'ii dubbisi.*

*✓siif haa galuu, seeqi jechuun Koo yeroo gammachuu qofa jechuu Koo miti, yeroo hamtuun wayii si muudates dabalateeti, waan tokko cinqamteef wanti gootu hin jiruu yoo wanti sun dandeetti Rabbii qofa ta'e, isumarratti hirkadhu, isumaan naaf laaffisi jedhiin, seeqi! Seequun Aarii keessaa xiiqii siif taatii, si jajjabeessitii!*

*Mee seenaa gadii kana xiinxali.*

Haadha manaatii fi abbaa manaati. hedduu wal jaalatan wajjiin taphatan wal

malee jiraatuu hin danda'an. garuu haati manaa dafte waan xixiqqoo hundatti aarti abbaa manaa garuu akka feete gootuus hin aaru amala gaarii qaba. rabbin jaarsa. akkana issiniifiis haa kennuu (shamarraniif) waa hunda seeqinsaan fudhadhaa. Guyyaa tokko imaltuu wajjiin deeman doonii xiqqoo takkaa osoo deemaa jiranii baharri olka'uudhaa doonii gamaafi gamana raase bishaan doonii meessa guute hanga shufeerri dooniilleen sodaa cimtuu keessa seenutti rifatan. hunduu booyuu jalqabe haati manaa kun olkaatee iyyiti, boossi, lallabdi, booda lafaa kaate bakka abbaan manaa ishii

jiru dhufte laalte inni nagayaan  taa'utti jira akka waan rakkoo jiru quba hin qabneetti  boone firraa taa'a ilaalteeti itti aarte "aboo ati maali namarrraa addaa maaf waantokko hingoone maali ati arralleen dantaa hin qabduu" jettee itti iyyite.  innis akka nama ishii sodaachisuu nyaara guuree ija keessa ilaalee qabee lafaan dhahee albee itti baafatee morma ishiirra kaa'e fuula isaa dukkaneesse nyaara guuraa ishiiniis of gubba ilaalte itti kofalte.  innis "maali nikofalte ?albee hin agartuu"?ja'een ishiniis  "albeeen harka namaan amanuutiifi jaaladhuuti jirtii bar"      jetteen itti kofalaa. inniis ishii gadhiise" bar dooniifii baharri kuniis

harka namaan an jaaladhuu jiraa gara isaatti nafudhatuus gaarummamaaf nadhiifatuus gaarummaamaaf na hiraaruu/cinquu maaluu fiduu hin danda'u isumarrattiin dhiifadha " jedheen

*Waan duniyaa tanarratti siqunnamu hundaahuu ilkee koflaatiin simadhu hamtuu taatuu gaarii taatuus Waa hundi harka isaati jirti isumarratti dhiifadhu. Eeyyan Anis lafaa kaaseetii miti seeqi kan siin jedheef addunyaan tun hangamuu xaartuu, hangamuu gaddituu/cinqamtuu , fuuldurri ati wanta hunda hojjattuuf gammaddee jiraachuuf malee hiika biraaf miti isa ammoo Mee gaaf kam gammaduu hedda laata , gaaf qarshii argattee? Moo gaaf fuutee? Moo gaaf ilma argatte? Dhiis! Si jelaa hin dhumuuti ammuma seeqi!*

# 12) SADAQACHUUN/ ARJUMMAAN QABEENYAAN NAMA GARGAARUU QOFAA MITI!!



## *Mee seenaa takkaan sii eegaluu?*

Daa'ima xiqqoo takkaatu haadha fi abbaa waliin masjiida salaata jummaatiif deeme. Da'imni xiqqoon tun gorsa imaamticha masjiidaa qalbiidhaan dhageeffatte isitti hawwatame. Gorsi imaamtichaatiis akkana ture " Sadaqaa/kennaa kennachuu amala keessan godhadhaa". Daa'imni xiqqoon qabeenya irraa waan sadaqattu hin qabne tun yaaddo itti tahuun abbaa ishee akkana jechuun gaafatte. Baabaa sheekni waayee sadaqaa irraa nu gorse mee ani akkamittiin sadaqachuu dandaha qabeenya illee hin qabuu jatteen. Abbaan daa'ima kanaatiis akkana jechuun qalbii daa'ima isaa ibse, Yaa ilmoo tiyya sadaqaan bar qabeenya kee irra qofa sadaqachuu mitii, yeroo kee , haala kee, ilaalcha kee, dubbii kee, hojii fi sochii kee, ammallee dhukkubsataa ilaaluudhaan sadaqachuu dandeessa jechuun daa'ima isaa abdachise.

Daa'imni qulqulluun kun sadaqachuuf baru hin jenne Baabaa amma deemne dhukkubsataa ilaaluu ni dandeenya jechuun abbaa gaafatte, Abbaaniis baru hin jenne yaa ilmoo tiyya ni deemna ammuma mana yaala deemne dhukkubsataa gaafadha jechuun gara mana yalaa qajeelan, Akkuma Abbaa fi intalti isaa xiqqoon gara hospitalaa qajeelaniin, hospitaala naannoo isaanii jiru tokko dhaquudhaan dhukkubsattoota achi keessa jiran osoo daawwachaa jiranii jaartii(Nama guddaa) takka argan, Ummaa/aayyii akkami fayyaan kee, dhukkuba kamiin qabamte haallii fayyaa keeti hoo fooyya'adhaa jechuun gaafatan, Jaartii suniis akka dhukkuba kaansariin qabamte erga itti himtee booda, fuulli ishii gammachuudhaan ifee seeqaa yaa ilmaan kiyya galatooma hangaan hospitaala kana keessa jiru namni tokkolleen nan hin ilaalle, isin ammoo baayye na gammachiistan jechuun itti himte, Mucaan xiqqoon suniis miira gammachuutin akkoo borullee yeroo akkanaa dhufeetiin si ilaala

jechuun gammachuu ishii lamaan baayyiste. Abbaa fi intalti isaa xiqqoon suniis ziyaara isaanii erga raawwatanii booda gammachuudhan gara mana saanii qajeelan. Mucaan xiqqoon suniis guyya lammataa akkuma beellama seentetti, beellama san guutuf yeroo ishii hospitaala san jaartii san ilaaluuf jecha dhaaqxetti. Jaartii san siree irra hin jirtu mucaan ajaa'iibuudha yommuu siree duwwaa ilaaltu waraqaa takka tan siree san irratti argitee fuute yemmuu dubbistu. Waraqaan akkana jatti " Yaa micaa tiyya kaleessa akkuma jettetti akka beellama guutte deebitu naaf gale garuu maalin godha sii waliin wal-arguu hin dandeenye, micaa tiyya ani addunyaa tanarraa fira tokkollee hin qabu qabeenya qabu hunda siifin mallatteesse furadhu" jatteen. Dullattiin san osoo daa'ima qulqulluu sanii waliin wal- arguuf hawwii qabduu addunyaa tanarra boqoochun qabeenya ishii kan Mil.2 caalu daa'ima xiqqoo tanaaf mallateessite.

## *Seena kana irraa maal baranna.*

***1) Arjoomuuf wanti si dangeessu hin jiru.***

***2) Nama gammachiisuuf kafaltii hin barbaachisu.***

***3) Waan takka  rabbiif jecha yoo hojjate rabbiin kan isa caaluun siif bakka buusa.***

***4) Dhaloota jijjiiruuf maatiin murteessadha.***

*Eyyeen! Kana qofaa miti seenaa kana irraa waan baayyee kaasnee ilaaluu dandeenya. Jireenya lafaa kana keessatti namni wal caaluun waanuma jiru, nama sii gadii ilaaluu hin dadhabin! Ammoo wanti tokko eega darbee baayyee si yaaddessuu danda'a. Fakkeenyaaf nama tokko kan kararra taa'ee yaa obboleessoo/tti  Koo Nan beela'ee waa na gargaari jedhu argitee, "kun yaada kararra taa'a, deemee hin hojjatuu!" Jettee bira kutta haa jennuu, osoo ammootuu gaaf karaa sanarra ol*

*deebitu namichi ati dura bira darbite sun beelarraa kan du'ee argame ta'ee waan akkamiittu sitti dhagahama??*

*Dhugaa dha namatti dhagahama. garuu osoo dursa onneen keenya Namaaf jiitee maal qaba. kana homaa gochuun hin danda'amu , Rabbuma kadhachuudha akka inni nuuf laaffisu, hamma danda'ame Namaaf haa arjoomnuu,*

***arjummaan qabeenyaan qofaa miti, yaada, Ilaalcha gaarii namaaf qabaachuuniiyyuu arjummaa dha. namni doqni ilaalchi inni nama isaa gadiitiif qabuuyyuu gadi aanaadha, akkasuma osoo arjaanuu arjoomee Ni aara, Ni hinaafa, qabeenyatu irraa hafee? Jedha .... Nama akkasii irraa rabbi nu haa baraaru!  Anaaf ati ammoo nama akkasiitirraayii miti, nama yaada, qabeenyaa fi qalbiin arjaa nu haataasisu.***

# *13) Sababa malee jaaladhu! Sababa malee hin jibbin!*




*" Intalli nama caala bu'aa jaalattu abbaan manaa ishee sagaltama"*

✍...**Ati garuu, nama bu'aa mataa ofii irratti hundaa'ee waa ijaaru hin ta'in; sababumaan waa diigdaa.** *Nama bu'aa ofii irratti hundaa'ee waa dhaabu hin ta'in; bu'aa gaafa dhabde waan dhaabde buqqistee gattaa. Sababa malee nama jaaladhu. Waan namni waa siif godhuuf nama injaalatiin, waan namaaf gootu ilaalii nama jaalladhu. "Maal kennu?" jedhi malee, "Maal fudhadhu?" jettee nama hin jaalatiin. Namaaf malan godha?" jedhi malee, "namni maal naaf godha?" hin jedhiin.*

*Nama irraa bu'aa eeguun, jiruu nama hiiksisee nama kuffisa. Nama bu'aa isaatiin hin jaalatiin, namni namummaa isaati. Namummaa dhiistee bu'aa irratti xiyyeeffattee jiraatta taanaan, namichis bu'aanis kan kee inta'u. Yoo nama jala miliqxee baatellee Rabbitu si tufsiisa. Intalli nama caala bu'aa jaalattu abbaan manaa ishee sagaltama. Bu'aan barbaachisaaa miti jechuu koo miti. Bu'aan sababa nama ittiin jaalattu inta'iin jechuu kooti.*

# 14) Anatu qeeqame moo situu of miidhe!



***"Hiyyeessi waan qabu beeku sooressa"***

***"Sooressi waan qabu hin beekne hiyyeessaa"***

*✍yeroo eegaltu si qeequ.*

*Yeroo dogoggortu, "siin jennee hin turree?", Siin jedhu. Yeroo ati walakkaa geessu gara duubatti si harkisu. Gara dhumaatti yoo ati dhiyaattu karaa sitti cufu. Akkuma fedhes ta'u siif milkoofnaan garuu gala dhaban.dhumarra Fira fakkaatanii gara kee dhufan, "baga gammadde baga milkoofte" siin jedhan. Ati garuu yeroo jalqabdus yeroo xumurtus hin dhageeffanne. Ofii fi of qofa irratti waan*

*xiyyeeffatteef milkoofte.*

*Ammo hoo siif galeeraamii???*

✍ **Milkaa'inni dhufnaan kan gara kee hin deemne hin jiru.**

*Kanaaf jecha namaa fi ilaalcha namaatiin hin sakaalamin!*

✍***milkaa'aa ta'i! Wanti ati barbaaddu hunduu ofiin si barbaadaatii!!!***

✍ *kanaaf ammoo akka dabalataatti nama si qeeqe, jechaan si tuqe yeroo tokko tokko deebi'i qixa sirrii deebisuuniif dha, kana yoon jedhu namni tokko yoo si qeeqe , yookaan ammoo si xiqqeesse jalaa hin callisin. Sababni isaa gaaf biraa deemte sitti dhagahamaa, of*

*tuffattaa!#kanaaf_Ogummaa_Deebii_Namaaf_Deebisuu qabaadhu!*

*Mee haasa gadii kana hubadhu*

*(Media hawaasaa irraa argadhe)*

*1-----Namticha tokkotu nama ija hin qabne xiqqeessuu fedhee " Yaa Aboo ! Rabbi waan tokko yoo namarraa fudhatu hikmaa namarraa fudhatuuf qabaa,si maaliif si jaamse ?" Jedheen... Namtichi ballaanis " Gowwaa akka keetii kana akka ani hin argineefi " jedheen !!*

*2----- gurbaa tokkotu hiriyyaa isaa ashuu (Foggoruu) barbaadee " Yaa Aboo ! Yeroo achii as deemtu dubartii*

*si se'e " jedheen.... Innis tasgabbimaan " Anis yeroo garasirraa dhufu dhiira si se'eeyyu " jedheen !!*

*3----- Nama ija hin qabne tokkotu Intala takka fuudhe, jaartiin isaa isaan ashuu feetee " Yaa jaarsa kiyya ! Osoo addeenyaafii bareedina kiyya argitee silaa na dinqisiifatta " jetteen...*

*Innis -ija gubbaatu dhaame malee kan keessaa waan argituuf- :' Yaa jaartii tiyya ! Osoo akka jettu kana jiraattee; silaa warri ija qabu qaata si fuudhe,anaa ballaa kanaaf sin dhiisan " jedheen !!*

*4. namicha tokkoo tu osoo karaa deemuu namicha ijji dhukubu wayii kan ijji isaa akka malee diimatte itti dhufee, qeeqee bira darbuu barbaade, " Abboo har'a barbareen meeqaan oolte", jedheen. namichis "xaasaa Afaan dabaa lama lamaan oolte", jedheen yoo ilaaluu namichi Afaan isaa dabaa ta'uu argee.*

***Mee nama akkana siin jedhe San deebii akkanaa gahaa yoo deebisteef***

***Situu qeeqame moo isatuu of miidhe?***

*Egaa! Maaliif fakkeenya kana hunda siif fudhadhe laata??*

*Waan biraaf miti akka atin gamna taatee argamtuuf malee. akka atin qeeqa namaatiin sammuu kee hin miineef. Eeyyen qeeqa namaatiif yeroo keef , Jireenya kee hin jeeqin, isaan waanuma itti dhufe haasa'uu.*

**Nama si qeeqa, si tuffata dhufe deebii gahaa deebisuun akka namni sun of qaanfatu taasisa.**

*nama si qeeqe osoo hin taane nama of miidhe ta'ee argama.*

*Dogongora isaa irraa'is Ni barata. Eeyyen Ni barata yoo nama dafee of baru ta'e.*

# 15) Sammuu gorsaan kuulamee, obsaan tuulame!



*Mata duree irraayyuu waan baayye xiinxaluu dandeessa. garuu Mee yaada Koo kan dubbachuu barbaadu siif haa ximbiriirsuu...*

*Maal seete, Adunyaan nuu irra jiraanu kun rakkina walxaxaadhaan guutamtee jirti*

*Kanaaf hangaa adunyaa kana irraa jirtu lubbuun ilmaa namaa waa heddu keessumessitti. Kan akka gadda fi gammachuu ,kolfaa fi bohichaa ,argachuu fi dhabuu fi kan kana fakkaataan, kan himame hin dhumnee hedduun guuteera.*

*Kanaaf ammoo obsi barbaachisaa*

*qofa osoo hin tane Obsi dirqaama ilma namatti.*

*Yoo obsi hin jire imala jiru fi jireenya keetii keessatti imaltuu haala salphaadhaan gufuun lafaan si dhooftu taatee argamta.*

**" Sammuun kee gorsaan kuulamee obsaan tuulamuu qaba!"**

*Waan ta'uu feetu tokko ta'uudhaaf ciminni kee qofti sin gargaaru. Milkaa'ina kee keessatti namoota baay'eetu qooda fudhattoota ta'a.*

*namoonni gorsaan, yaadaan mallaqaan , waan baayyeen si bira dhaabatu, isaan kanniin  hunda*


*keessaa baayyee murteessaa fi barbaachisaan Gorsaadha .*

**gorsi qoraasuma sammuuti! Sammuun gorsaan faayame ,waan gaarii dubbata waan gaarii yaada! .**

*Egaa sammuu gorsaan faayame kanatti osoo obsi dabaalamee waan akkam tolu!*

Sammuu gorsaan faayamee, obsaan dabaalame qabaadhu!

# 16) NI DANDA'AMA



*Adunyaa kanaratti wanti hin dand'amnee hin jirtu osoo hin dand'amnee hin uumaamtu turtee.*

*garuu namni baayyen waan tokko yeroo muraasaf yaalani erga dadhabanii hamilee saani karaati gabaabsan. kun goonkuma tahuu hin qabu maaf kan jettu yoo taate seena armaan gadii kana dubbisi*

*Xumuri*

yeroo darbe keessati gaaf tokko barataan tokko halkan guutu hiriyaa isaa faana taphata turee. ergasiis yero malee rafe ganama

yeroo ka'e mana baruumsa deemu akkuma barsiisan daree seenen barataan kun halkaan waan hirriibni irra hin dhuminiif hirriibni isa fudhatee. mucaa kana homtuu hin kaasne. Ijoolleen kutaa barnootaa isaa daree keessatti dhisaani biraa waan bahaanif daree qulladhati dammaqe. amma akka nama rifatuu ta'e gabatee irra bareefama barsiisa argee hojii manaati jedhe qabatee. gale gaafin san akka malee itti ulfaatte. Itti

ulfaattulee dadhabe jedhee hin kutanne ittuma muddee  guyyaa 4 keessati gaafi tokko dalagee. barsiisadhan barsiisaa gaafin ati guyyaa dhiyoo kannite san gaafi tokko guyyaa 4 keessatin dalagee kan hafteefiis guyya 4 naaf kenni jedheen. barsiisan sunis mucaa kana baayyee dinqisiifate. Akkas jedheen, bar san hojii mana osoo hin ta'in gaafi barsisonnii Herregaa adunyaa guutun dadhabanii jedheen jedhaama.

*Gartee barataa kana hubannoo saa yeroo mara nidanda'ama waan jedhuu sammuu isaa keessa qaba.*

*kanaaf ergaa koo kanarra waan bayye barta jedhen amana .*

*#hubadhu kana mara wantiin kaasef namnii nin danda'a jedhe numa danda'a. wantii nuuf hin dandayamnee hin jirtu, garuu sodaa nu keessa jiruufi namni nu keessatti uumetu akka waan hin danda'amnee nutti fakkaata malee! . Kanaaf Ni danda'ama jedhi akka danda'amutti yaadiitii, ofirratti dalagi, ofirratti dalaguu kanatuu nutti ulfaatee , addunyaan qixxaahuu dadhabne.*

# 17) Dhugatuu hin dhokanne!



*Seenaa kanaan siif haa jalqabuu.*

*Gurbaa tokkottu jiraa Mana foonii* qaba ganama ganamaan ka'eeti Ra'eefii hoolaa qalee yeroo aduun baatu magaalaaf gara dukkaana/suuqii isaatti dhiheessa yeroo hunda hojiin isaa akkasi.

Guyyaa tokko halkan gara ganamaatti osoo hoolaa qalaa jiruu sagaalee iyyaa namaa dhagahe waan itti jiru dhiiseeti gara sagalee sanii fiige yoo dhaqee laalu gurbaa tokkootu waraanamee ciisee iyya. yoo laalu Albetuu waraanee irra jira. Albee qabee irraa harkisee irraa baasee osoo inni lafaa fuudhuuf harkisuu namni gamaa gamanaa itti dhufe

Yoggaa arganuu isaa qaamni isaa hundi dhiigaan bade akkasiin wajjiin kan albee harkaa qabu namtichaa Qabanii mootummaaf dhiheessan. Manni murtiis murtii du'aatiin akka ajjeefamuuf laate. waan haala suukannessaan nama ajjeeseef boodarra dirree itti ajjeefamutti dhiheessan. bakka namni baayyeen itti walgahetti badii isaa hunda irratti himan. Namtichi lallabee dubbate "nadhagayaa An nama kana hin ajjeefne garuu waggaa duraan haala suukanneessaan nama ajjeesee ture san har'a Rabbiin narraa kafaluu deema"jedhee dubbate. akkamitti ajjeefte jedhanii gaafatan

"An gaafa duraa jalbaaniin (dooniin) bishaan nama baasuudhaan hojjadha ture. gaaf tokko mucayoon bareedduun takka haadha wajjiin dhufte. Anis bishaani baase qalbiin koo na jaalatte. guyyaa biraas argee baase. jaaladheen ishii dubbise naaf hayyamte. ka'een manguddoo fudhee Abbaa ishii kadhe na didee na ari'e. waaniin an miskiina/hiyyeessaa taheef, eega guyyaa sanii ishii arguu hin dandeenye. erga waggaa lama turree booda guyyaa tokko bishaan moggaa dhaabbadheetiin nama deemu eeggataa jira intalti takka dhuftee haa deemnuu naan jette. ishiifii daa'ima ishiis fuudhee yoggaan bishaan

walakkaa gahu ofirra gara galee yoggaan mil'adhuu intalaan an jaaladhu sani. niin dubbise. jaalala keenya kan duraaniis yaadachiise. ishiniis naamusumaan An amma herumeetiin jira kunoo ilmos qaba naan jette. jalbaa /doonii dhaabeetiin qabe haala naaf mijjeessuu didde Rabbiin na hadarte/Rabbiin nakadhattee dhagahuun dide. ittiin jabaadhe natti jabaatte. mucaan ishii nahee garmalee iyya irraa mijjeefatuun dadhabe. dadhabnaan ishii dhiiseen mucaa miila lamaan walitti qabee mataa gadi deebisee bishaan keessa limsiisee baase "naaf hayyamta moo niin ajjeesa"

jedheen. Isheen numa iyyiti "an waan badaa hin hojjadhu mucaa kiyya naaf dhiisi"jetti mucaa bishan keessa cuupha baasa fuula isii keessa laala osoon akkas godhuu na harkatti callise. Anis bishaanitti darbeetiin ishii qabe na didde. Ishiis Rifeensa ishii qabeetiin mataa ishii bishaan keessatti qabee ukkaamsee baasa olbaaseen gaafadha nadiddi. boodarra bishaan keessatti gadi qabeetiin achumaan duute Reefa isaan lachuutu bishaanitti hareetiin biraa deeme takkaa namuutuu nan agarre. Har'aa Rabbiin dhiiga isaanii san narraa kafaluu deema malee an gurbaa isin jettan kana hin ajjeefne"jedhee dubbate

hawaasni dhaggeeffataa jiru hundi booyanii imimmaan qofa tahan boodarra gurbaan sun ajjeefame.

*Seenaa kana wannin kaaseef waa malee miti, waa gorsa siif taha jedheetiin malee,*

*✓haqa namaa hin dabsin! hangam fedheeyyuu yoo dhokate haqni nama Sanaa Al kallattiinis ta'uu baatu inuma galaafi.*

*✓namatti daba hin yaadin, dabatuu sirratti yaadamaatii*

*✓ namatti haraam hin dalagin ilmoo teetti haraamni dalagamaatii.*

*✓ hangam awwaaltuu dhugaan*


*namaa hin dhokatu. Akkuma oromoon jedhe "dhugaan Ni qallatti malee hin cittu"*

*✓Hangam dhoksituu dhiigni namaa ofiif dubbata ,Yoo Namni awwaalees Rabbiin hin awwaalu.*

*Akkuma Haaceen jedhe sana jechuudha "seenaa rirmi hin nyaatu" eeyyeen rirmi hin nyaatu dhugaadha. Haqni nama dabdee tokkoo seenaa taatee haftus gaaf tokko bahuun saa hin hafu. Kan hacee tis gaaf tokko arguuf teenya.*

*Irraa baradhaa! Haqa namaa eeggadhaa!*

# *18)Wanti badaan hundi miidhaaf hin dhufu!*



Dubartii ulfaa tokotu baayyee dheebottee gaaddisa mukaa tokko jala taa'aa turte, bishaan baayyee dheebottus garuu argachuu hin dandeenye. Osuma gaaddisa kana jala teessu copha bishaanii mukarraa gadi cophu argitee meesha bishanii xiqqoo tokko fuutee jala keessee copha bishaanii kana kuusuu jalqabde. Gaafa meeshan isheen jala keesse cophni kuni walakkaa gahu gammaddee dhuguuf qophooftee gaafa jettu simbirti dhuftee meeshicha kana dhooftee jalaa kuffisuun bishaanicha dhangalaaste. Irra deddeebin si'a sadi gaafa akkas jalaa ta'u baayyee aartee dhagaa fuutee

simbira tana rukuttee ajjeeste. Simbira tana erga ajjeesteen booda, bofa guddaa mukarraa bu'uuf gadi loo'u argite. Sana booda copni mukarraa cophaa ture suni copha bishaanii osoo hin taane hadhaa ykn summii afaan bofaa keessaa cophaa ture akka ta'e hubatte. Sana booda baayyee rifattee simbirti isheen ajjeeste suni lubbuu ishee akka oolchiteef hubatte, sinbira sana ajjeesuttis gaabbite!

*Yeroo tokko tokko rabbiin akka sinbira kanaatti waan ati maaf hin taane jettee yaaddu tokko sirraa*

*fudhatuu ykn si dhoorkatuu danda'a. kanas gaarummamatti fudhadhu. maaliif seetee, Rabbiin wanti ati feetu sun siif hin ta'u jedhee waan biraa siif filatuu danda'a inni waan fuuldura ta'amu hunda waan beekuuf yaa Rabbi maaf akkana na goote? , Maaf? maaf? Jettee of hin miidhin. waan Rabbiin fuuldura keerraa qabeef hin beektuutii.*

*yeroo nuti wanti tokko badaa ykn gaarii nutti fakkaatee waan jireenya keenya miidhuu danda'u, waan lubbuu keenya balleessuu danda'u, gaafa inni nu dhoowwu rabbirratti gungumna! wanti nuti itti boonyee*

*barbaannee dhabne suni tarii summii jireenya keenya galaafatu ta'uu danda'a. Kanaafis, Akka nu miidhu waan beekuuf rabbiin nu dhoowwata,*

*Kanaaf tarii inni ati barbaaddee dhabde suni isa si kuffisuu fi si balleessuu ta'uu danda'a.*

*Dandeettii waan badaa sitti fakkatu gaaritti hiikkatuu baradhu santu Jireenya keetiif tasgabbii kennaatii.*

## *QORUMSA SI MUDATEEF AMMOO GALATEEFFADHU*

*″″″″″″ ″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″″*

*Namni gaafa bilchina ol aanaatti*

*dhufu wantoota gaggaarii*

*isaaf ta'an qofaaf guyyaa galataa qopheessa utuu hin taane, guyyoota hamoo fi taateewwan jireenya itti hadheessan isa muudateefis galata guddaa dhiyeessuu qaba.*

*Toomaas Edison*

*kaampaanii guddaa inni qabu jalaa gubannaan,* "Amma dogongorri uumame hundi gamocha waliin gubaateera; Rabbiif galanni haa ta'u; sichi immoo bifa haaraan ijaarsa haaraa itti fufna" *jedhe.*


*Nuyiin yeroo baay'ee kan fuulduratti deemuu nu dhowwe, rakkoo nu*

*mudateef gadda taa'uu fi warreen dhufanii nu jajjabeessuuf yaalanis maaliif? akkamitti? jedhanii baaltii bu'aa hin qabneen ittumaa hojii nu hiiksisu.*

*Garuu utuu yeroo qormaata keessa galle sana dammaqnee irratti hojjennee, kisaaraa qorumsi sun nutti fide dachaa lama buufanna. Akkasumas rakkooleen nu mudatan hundi isaa bilchina nu gonfachiisee darbu qaba. Nama dadhabbii malee qarshii 100,000 argate irra nama utuuma miixatuu qarshii 100,000 kassaretu caalmaatti bilchina sammuu horata.*

*Namni mana obbo rakkinaa keessattii cuunfame darbee achii as dhufe mana obbo bal'inaa yeroo ga'u haalaan hin machaa'u. Namni sochii qaamaa gaaraa fi dachaa bu'ee shaakale ciminnii irree fi mogoleen isaa horatu baay'ee guddaa dha. Rabbi  hamma nuyi baachuu dandeenyuu olitti nu hin qoru.* ***Qoramuun immoo abdii of keessaa qaba. Kanaaf qorumsi nu qara waan ta'eef hin sodaatinaa!!!!!!***

# 19) Jireenya kooppii



*Eeyyen Jireenya kooppiiti! Kan nuti jiraachaa jirru, waa malee hin jennen waan xiinxalle qaba*

*Waraabaa qofa hin tahin...!*

*Jireenya jiraattu kana keessatti amala namaa koopii godhuu qofa yaalaa hin jiraatin. Akkuma ati amala akka abaluutiifii abaluu horachuu feetutti amala kee warri horachuu fedhuus hedduun tokko jiraatii. amala namaa waraabuu irraa of duubatti jedhi amaluma kee kana gaarii godhii tolchii. namni amala akka keetii horachuuf hawwu akka jiru yaadaa jiraadhu. #Jireenyi fuula lafaa kun akkuma*

*abbaan itti of tilmaame. Yoo ati of tuffattee sa'aa hunda amaluma kee kana jibbaa ooltee, amaluma akka abaluuu qofa horachuuf ganamaafii galgala hirriiba dhabde; amala akka abaluutiis osoo hin horanne amala keetiis guyyaa tokkollee shaa jetteenii osoo irraa gammaaddee itti hin jiraanneni fuula lafaa kanarraa gara garaa dachiitti imala ta'uf jiraatta.*

*Baayyeen namaa fuuldura fuullee isaa yeroo dhaabatutti nama biraa keessatti argata. Nama isa bakka hin buune, nama haala isaa mara ittiin mormu, nama isaaf quuqama qabu, nama haaraa kana dura argee hin beekne...eeyyeen namoota akkana*

*argata. Namni kun fuullee fuulduraan akkasitti yoo of argata ta'e utuu fuullee kana duuban garagalchee ilaala ta'ee nama akkamii arga laata?*

*~>Namoonni tokko tokko ofiisaanii of amananii hin fudhatan sababa ta'eef ofta'aanii jiraachuus hindanda'an.*

*~>Namni ofamanee of hinfudhanne immoo kaayyoofi mul'ata uumameef hinbeeku.*

*~>Namni eenyummaasaa amanee fudhachuun itti ulfaate ofta'uu hindanda'u, nama biraas ta'uu hin danda'u.*

*~>Ofta'an malee bilisummaan hin jiraatan. sababiinsaa nama biraa ta'uuf*

*yaaluun dhiphina waan ta'eef.*

*~>Kan nuti jijjiiramuu dandeenyu ofii keenya gaafa amannee fudhanne qofaadha.*

***Oftahuuf tarkaanfiilee nuti fudhachuu qabnu:-***

*1.Gonkumaa jijjiiruufi foyyeessuu waan hin dandeenye amanne fudhachuudha.*

*°Kanneen akka Sanyii keessaa dhalannee, Bifa keenya, Akkataa dhalootaa, Saala keenyaa fikkf tasa jijjiiruus ta'e foyyeessuu waan hin dandeenyeef ofitti amanuun dirqama.*

*Garatti jijjiiruuf foyyyeessinus hin qabnu kanaaf fudhachuudha. Waan tokkos yaadadhu! Wanti uumaan kee siif*

*kennun ittin sii uume sun kan akka saalaa, bifa, sanyii at irra dhaalatte waantoota siif barbaachiisanif ulaagalee namummaa keetiif barbaachiisan jedhe inni siif kennedha. Kanaafuu, waanuma uumaankee siif kenne kanatti gammachuun fayyadamii malee ilaalcha biraan kan fudhaatu yoo ta'ee nagaan ati jireenya mataa kee wajjiin qabdu yoomuu sarbaamadha ykn jeeqamaadha. Ofii kee wajjiin nageenya guutuu qabaachuf haala uummama keetii gammadaa ta'ii! Filaannon nun qabnuu tokkodha innis, ofii keenyaan ofta'uudha.*

*2,Jijjiiruufi foyyeessuu kan dandeenyu jijjiiruufi foyyesuudha.*

*° Waan ati har'aa jalqabdee hojiirra*

*oolchuu qabdudha. Innis waan jijjiiruufi foyyeessuu dandeessu kamittiyyuu tasa yeroo hin laatiin. Yeroo jijjiruu qabdutti jijjiiruu danda'uuf jijjiraamas irratti fiduu qabda. Sabaabinsa, hangumaa waan jijjiiruu qabdu yeroo jijjiruuf qabdutti hin jijjiiree boodaatti hafa adeemta.*

*Eeyyee! Waan ati ofta'uuf jijjiruufi foyyeessuu dandeessu hedduudha. Fkn: - Ilaalcha ofiif qabdu, Ilaalcha namootaaf qabdu, Amala kee, nama Kaayyoof, nama mul'aaf jiraatu ta'uukeefi kkf. Jareen kana irratti jijjiiraamu isaanif barbaachiisu taasiisun addunya keessa jirtuu wajjiin waliif galchuu yoo hin dandeenye, jarii kun bara kee guutuu boodatti sii harkisuun*

*hiidhaanis addunya fiigaaf jijjiiraama jirtuu keessa qabanii sii dhaabu.*

## *3.Jireenya gammachuu qabu shaakaluudha.*

*°Gammachuun fedha waliin waan wal qabatudha. Yeroo oftaanee jiraachuuf shakkallii goonu miira gammachuu, miira ofitti amanuufi kkf goonfachuu eegalla.*

*Kanaaf ofta'uun filannoo carraa biraa hin qabnedha.*

*°Ati kooppii nama kamiyyuu miti. Kooppiin kees addunyaa kanarra hinjiru.*

*Silaa uumamuun kee ykn uumamuun nama ati ta'uu yaaltuu hin barbaachisu ture sababiinsaa meeshaa malee namni*

*orginal fi koppiin hin jiru waan ta'eef.*

Ati Nama guyyaa tokkorra waliin dhalatte qabaachuu dandeessaa. guyyaa dhaloota keessaniitu tokko ta'e malee isin tasa tokko miti! ati suma, innis isuma, anis anuma. Kanaaf ofta'i! Jireenya kooppii hin jiraatin!

*...........Siif suma..........*

*Namoota irraa dhaamsa fudhadhu,garuu jireenya keetiifii haala kee kan beeku atuma waan taheef karoora mataa keetiitiifii keetii qofaa deem...*

✓karaan inni irra deemee ittiin miilkaawe isuma qofaafi.

#Ati isarraa adda taate dhalatte waan taheef karooraas kan adda taheen deem....!

*#Jireenya kee keessatti yoo karoora namni siif baasen deemte bakka takka gahuu hin dandeessu.*

*#Karoorri namni siif baasu yeroof gaarii sitti fakkaata. garuu yoo xiqqo achi deemte si miidheti nama duubatti si hambisa malee bakka yaadden sin gahu. Tanaafuu itti gaafatama jireenya keetii namni fudhatu suma mataa kee tahuu qaba.*

*✓Hirkataas hin ta'in!*

*Namoonni irkataa ta'an martii jireenya isaani kanatti nigammadan jachuurra hin gammadaniitu dhiyaata.*

*Maalif ta'e ? ni beektaa? yeroo baayye gammachuu isaa argachuu caala kan nama sanii eega waan ta'ef. Nama san irra adda yoo bahe waan jiraatu itti hin fakkaatu.  Maalif ta'a kun? of dandahii jiraadhu ati abdii borii akka taate amanii.*

*Lafaa ka'i hidhadhu mudhiitee dinagdeenis ta'e sadarkaa barnootaa-tiinis bakka guddaa nama gahuu danda'ahuudha ati.*

Mee dhagahii gaaf tokko gurbaan  tokko nabiiyyi muhaammaditti dhufee "yaa ergamaa Allaha Mee waan yoo ishii dalagee Rabbiin na jaalatu tan namnilleen sababaa saniin na jaalatu naaf himi" yeroo jedheen nabiinis maal jedheen seeta Rabbii kana numa kadhuu

harka kee jala qabii Rabbiin si jaalata.

Ilma namaa ammoo isuma hin kadhatin ammaa amma,fuula isaarraa booni jedheen (isatti haajamuu hin guddisin jechuudha ) yoo kana goote namni ofiif sijaalata *jedheen. Kana maaf kaase seeta ilma namaa kana si'uma itti deddeebi'aa waa gaafattuun kabajaan kee Isa biratti xinnaachaa, akkasuma ammoo si'anuma/adaduma ati isatti hajamuu xiqqeessituun jaalalli inni siif qabu dabalaa deema. Kanaaf obboleessa koo jaalatamaa atiis obboleetti tiyya kabajamtuu jireenya keef jedhiitii hirkattummaa kana dhiisi, hamma siif laaffiseetti Jireenya kooppii irraa fagaadhu.*

## *20)✓ Maddi kufaati inni guddaan utuu hin yaalin kufaatii yaadda'uudha.*



Namticha tokkotu nama isa hojjechiisu barbaada ture, Gaaf tokko gara abbaa qabeenyaa tokko deemee "hojiin barbadaa hojii naaf argituu" jedhee gaafate, Achumaan "tole anis hojjetaan barbaadaa jira mitii" jedhee fudhatee galee, erga fudhaate galees, hojjetaa isaa keessaa tokko waamee "akka inni mi'a mana Sana keessa jiru gadi guuruuf itti argisiisi" jedheen, Abbaa qabeenyaa sanaaf garuu hojii osoo hin taane qormaata itti gara hojiitti namicha sana dabarsu ture, Achumaan hojjetaan sun itti argisiifnaan mana sana banee gaafa ilaalu kuntaala gugguutame afaan isaa hodhamee jiru argee akkas jedhe " lakki natti haa hafu malee ani dandaa'ee kumtaala kana hin guuru; wanti isa keessa jiru kiiloo giraamii dhibba tokko gadi miti" jedheen, Sana booda "namicha gowwaa nana hojii utuu barbaadduu akkamitti hojii filatta? Waan fedhe

yoo ta'ellee yaaltee ilaaluu qabda ture; inni ati ija keetiin madaaltee sodaatte kun jirbiidha"jedhee abbaan qabeenyaa sun harka tokkoon ol fuudhee itti argisiisee beenu gali qormaata hojjetaa tokkoof kennamu kufteetta" *jedhee gaggeesse.*

*#Ergaakoo......*

*Waan hundaafiyyuu ogummaan gaggeeffamuun madda milkaa'inaati!*

*Sodaan galaana daaktee ce'uu dandeessuun iyyuu akka nyaatamtu si gooti. Kanaafuu, hin sodaatiin; ogummaan golgami malee!*

*Xaari ifaaji, itti fuurii, itti miidhamii argadhu malee onnee kee sodaan hin guutin. Sodaan carraawwan gurguddaa ofii wajjinis gargar nama*


*baasti.*

*✍Xaariidhaan malee, aariidhaan wanti uumamtu takkalleen hin jirtu. Ilaalcha mataa ofii gara teellaatti nama harkisu keessaa bahuun injifannoo jalqabaati. Ofbituun hundaa ol waan ulfaatuuf. Kufaatiifi milkaa'ina yaada morkataa qabaachuun kufaatii laamshessanii milkaa'ina moosisuunis copha guddaa karaa milkaa'inaati.*

*Kanaaf waan tokko achuma laaltee kiiloo kuma sittin fakaatin, dursa yaali.*

*" Yaalii dadhabi malee yaaluu hin dadhabin!"*

# 21) Ilaalcha yaadaa!



**Ilaalcha kee jijjiiruuf qofa hin deemin!. Rakkoo qabdu gara carraatti, qormaataawwan ykn muudannoowwaan dabarsite gara jabinaatti, balbala tokko tokko kan siif banamuu dide dhiiftee, kara biraatiin yaaluu, akkasumas namoota/hiriyyaa jireenya kee keessatti baayyee si rakkisan ykn kara hin taanetti si oofan irraa fagaachuu yaaluu**.

*kanaaf ilaalchi jijjirameef yoo wantoonni olii kun hin jijjiramin ati har'as bakkuma kalee jirta ta'a. Ilaalcha kees akkuma jijjiirtu, wantoota ilaalcha keetti gufuu ta'anis ofirraa cufuudha qabda.*

*garuu ammoo dhugaan jirtu harka caalatti kan gahee kana hunda*

*taphachuu danda'u Ilaalchuma nuti mataa keenyaaf qabnuudha. Fknf hiriyyaa gadhee irraa fagaachuuf ilaalcha kee sirreefannaan, ilaalchi kee sunuu akka ati hiriyyaa gadhee bira hin dhaabanne si godha.*

*Madaan Madaa qaamaa qofa osoo hin taane madaan haala jireenya Keenya keessatti Akkaataa garaagaraan nu mudachuu kan danda'aniidha. fakkeenyaaf madaan ilaalchaa si mudachuu ni danda'a, ati ilaalcha namni akka ati ofiif qabaattu si keessatti uume ati hin dandeessu kan jedhu yoo tahe namoonni akka ati hin guddanne yookaan sirra turuu madaakeetii hawwan ilaalcha kee san sitti akka*

*dhagahamuuf Si tuttuqu. ilaalchi ati ofiif qabdu madaan isaa babal'ataa adeemun akka dafee siif hin fayyine godhu. Kanaaf gosootaafi haalota madaa keetii adda baafachuun madaakeee haala siif fayyina fiduun eegumsa barbaachisaa gochaafii madaakees yoo dhoksuun barbaachise dhoksuun kunuunsa gochuufiin Egereekee boriif ofiif eegumsa gaarii siif taha.*

*✍ Namoonni waa'ee koo maal yaadu jettee beekuuf haga yaallu/rakkannu of beekuuf osoo hojjannee turree..... Silaa eessa geenya turre!!??*

*✍ Nama inumaa nun barbaanne barbaaduu fi hordofuun yeroo keenna gubuun dabarsuu irra, silaa namoota*

*gaggaarii, gatii nuuf kennan, isaannan nama hin xiqqeessine  wajjiin dabarsinee, silaa yoosan ... Eessa jirra seetan?!!*

✍ *Akkasumas* **Ilaalcha gartokkee hin jiraatin!!**

*"Hunduu fiigeef hin fiigiin,hundi dhaabbateef hin dhaabatiin,hundi hojjeteef hin hojjetiin,hundi taa'eefis hin taa'iin, kan keef kan namaa gara gara waan ta'eef"*

Hin dhaqu jennan didee na waame kanaafan fiigee dhaqe !! Maaliif jetta *? Sila hin dhaqu erga jettee waan ati yaaddee sana irraa akkamitti yaadni namaa butee akeeka kee irraa si fudhatee sokka. Ati of hin taane*

*jechuudha,dafii utuu hin miidhamiin of ta'i.*

*Dacheen kun waan guddaa irratti ijaaramte, waan guddaa sanas qabatteee jirti. Waan isheen qabatte keessaa ilmi namaa angafa. Uumamma ishii hundaa keessas ilmi namatu dachee kana jijjiruu danda'a. Akkana yeroo jennu namni hundatu dachee kana jijjire, gara fuula duraattis nama hundatuu jijjiruu danda'a jechuu miti.*

*Addunyaa kana irratti dhiibbaa guddaa Uumuun fakkaattii ishee jijjiraa kan oolan namoota muraasa, warri kaan warra hojii dinqisiisaa warraa mul'ata qabaniif harka rukkutanii iyyaa warra oolanidha. Warri milkaa'an hojii gaarii*

*hojjetan kun hamilee ykn deggertoota dhabuu qabu jechuu miti, kanneen har'a milkaa'iina nama birootiif dinqisiiffannaa kennaa jiran kun, guyyaa biroo hojii isaan irraa eegamuu hojjetanii isaaniif illee harki rukkutamuu qaba jechuudha. Yeroo hundumaa goolii namni tokko galchuuf halkanii guyyaa,kaleessaaf har'a yeroo hundaa daawwattoota nama tokkoo tahuun nurra hin jiru.*

*Barri kun bara Fiigichaati, bara hundumtuu jireenya moo'achuudhaaf oliif gadi hala galfii malee itti kaatudha. Kaacha kana  keessammoo waan hedduutu jira. gufachuutu jira, kufuutu jira, danqamuutu jira, hafuurri nama keessaa dhumuutu mala, sammuun*

*nama oo'uutu mala, sombi nama dhoowuutu jira. Kaacha keessa dhaabuun hin danda'amu, akka itti kaannu ilaalallachuuf garuu wanti nu rakkisu hin jiru. Fiigicha dorgoomii keenya jiruuf jireenya fooyyeessuf taasiifnuu keessatti moo'ichaaf kan barbaachiisu fiigicha miti. Akkata fiigicha sana akeekachun tolfaatani fiiguu dandaa'udha.*

*Eeyyen, wanti hundi tasgabbiif hara galfii gaafata, kaachoos dabalatee. Namni yoo hin tasgabbaa'in, waa heddu dhaba, waan hunda caalammoo of dhaba. Of dhabuun immoo maraatuma. maraatumnimmoo daangaa dubbiiti. Maraatoma ofuma mataa keenyaa*

*ofirratti uumnuuf itti gaafatamaan numa mataa keenya. Sana hambisuufis murteen numa bira jira.*

*Ani akka kootti Maraatuma hambisuuf qabxiilee asii gadii kanneen lafa siif kaa'eera, kan siif tahe keessaa fudhadhu. Kan siif hin taane ofirraa dhiisi*

1. . Sitti hin mul'anne ta'a malee dhiphinniif cinqaan namni biroo keessa jiru kan kee caala dachaa heddu tahuu danda'a. *Kanaafuu akka waan ati qofti rakkoo hamaa keessa jirtuu, akka waan Rabbiin si qofa rakkoodhaaf uumee gootee hin yaadin. Hiraaraf rakkinnis hammam turanis wantoota dabran tahuu isaanii tasuma hin irraanfatin.*

**2. hammuma feete nama jaalattus, nama sitti dhihaatus haa ta'u of danda'aa namaa ta'uun kee irratti malee hirkataa namaa ta''uu hin yaadin**. *Abaluu kiyyatu akkana naaf godha jettee daangaa darbitee abdii namarra hin kaa'atin. Abdii namarra kaa'achuun gaafa namni abdatan bakka abdataan sanaa dhabame baay'ee nama miidha. Eenyuyyuu jaaladhu, kabaji, jireenya gaarii waliin jiraadhu. Waanuma ta'es ta'u garuu of dabarsitee of hin kennin. Dirqama abdachuin qaba yoo jettemmoo bitaaf mirga osoo hin ta'in ol ilaali ~ kan abdatan gubbaa jiraa!*

**3. yoomiyyuu taanaan ofiif gatii kenni.**

*Yoo ati xinneesitee of ilaalte eenyuyyuu*

*ol fuudhee si hin ilaalu. Of hin cabsin, gatii kee gadi hin buusin. Namni mataansaa namummaa isaatin qofa qaaliidha. Qaaloma kee kana hin irraanfatin. Dandeettii addaa Rabbiin siif kenne tokkoofii sanii olis qabda waan taheef waan barbaaddu kamiyyuu hojjattee akka bira geessuuf dandeetti ofii keeti amani. Waan ilmoon namaa hojjachuu dandeettu ati wanti hojjachuu hin dandeennef akka hin jirre sirriitti ofitti himi. Jijjiirama guyyaa irraa gara guyyaatti argisiisaa jirtuuf beekkamtii kenni. Garuu immoo tasuma, tasuma Boonaa namaa hin ta'in. of tuulan namaa tuulaa citaa akka hin geenye hubadhu.*


## 4. Bashaasha Namaa Ta'i

*namni yoo waan tokko tola namaaf kennu nama gammachiisa. Sana caala garuu yoo ofii qabaatanii namaaf waa godhan/ namaaf waa kennan miirri gammachuu keetii ol'aanaa ta'a. Kennuun qalbii nama miidhagsa, nama gammachiisa. Guddaas qabaattu xinnaa, nama waan qaburraa arjoomu ta'i. Arjummaan jaalala namaa namaaf dabala, eebba nama gonfachiisa, umrii nama dheeressa. Hadaraakee, nama garmalee qarshii jaalatu hin ta'in. Yoo jaalalli qarshii sitti heddummaate ni machoofta, gabra maallaqaa taata. Osoo qabdu kan biraa barbaaddan. Nama birattis Rabbi birattis ni jibbamta*

*~kanaaf bashaasha ta'i.*

**5. Beekaa Osoo Hin Ta'in Baratāa Ta'ii Argami.** *kanarra waa hunda beekaan namaa hin jiru. Hundi keenyayyuu beekkumsi keenya muraasa. Kanaafuu hamma lubbuudhaan jirru akka Beekaatti of ilaaluurra akka Barataatti of ilaaluun jijjiiramaaf, fooyya'aa adeemuuf murteessaadha. Ati xinnaatus guddatus guyyaatti waan tokko barachuuf yaali. Waa dubbisi, xiinxali, ani garam deemaa jira? adduunyaan tun garan garam adeemaa jirti? jedhii of gaafadhu. Yoo waa beekte nama keessatti akka nama guutuuttii ofitti amanamummaan dhageeffattus , dubbattus sirraa tola. Nama waa dubbisetu dubbataa!*

## *22) Moo'achutu dursa moo of moo'utu dursa??*



Chaarles Bukowiskii (Charles Bukowski) jedhama. Hagayya 16 bara 1920 ALA dhalate. Araada dhugaatii alkoolii qaba ture. Dubartoota hedduu waliin sagaagaluun beekama. Waloo fi barreessaa asoosamaati.  Abjuun isaa inni guddaan barreessaa ta'uu ture. Haa ta'u malee, waggoota hedduuf barreeffamoonni isaa gaazexoota, barruuleewwanii fi kkf irratti maxxanfamuuf hin carroomne. Dhaabbileen maxxansaa hunduu akka waan wal mari'atanii hojii isaa maxxansiisuu didan. Tuffiin isaan isaaf qaban guddaa ture. Aarii kufaatii isaa irraa kan ka'e jireenyi isaa toora irraa baay'ee fagaachuun wantota isa irraa hin eegamne keessatti kufe.  Dhuma irratti waajjira poostaa keessaa nama faayila walitti qabu ta'ee qarshii xiqqoon qacarame. Qarshii argatu sanas araadaa addaa fi dubartootatti waan baasuuf, mana keessa jiraatu haga dhabutti rakkatee ture. Hamma walakkeessa halkaniitti dhugee machaa'uun bakkuma itti machaa'e buluun amala isaa

ture. Gaaf gaaf immoo akkuma machaa’etti maashina taayippii dulloomaa qabu irratti walaloo barreessa ture. Jireenya hiika hin qabne jiraachaa, alkoolii dhugaa, baala sammuu namaa hadhoochu fudhachaa, qumaara taphachaa fi sagaagalaa waggoota 30 guutuu dabarse. Bara isaa guutuu kufaatii keessa jiraachaa waggoota 50 yommuu ga’u, namni dhaabbata maxxansaa xiqqoo qabu tokko hojii isaa maxxansiisuuf fedha argisiise. Dhaabbatichi xiqqaa waan tureef Bukowiskiif maallaqa guddaa kaffaluuf yokaan maxxansa hedduu isaaf maxxansiisuuf waadaa hin seenne. Sunuu ta’ee carraan kun carraa Bukowiskiin argate isa jalqabaa ture. Dhadhabbii fi ifaajee waggoota 30 booda jechuudha. Carraa kanaan alas deebi’ee carraa biraa akka argatu waan yaade hin fakkaatu. Carraa argatetti kan gammade Bukowiskiin gulaalaa dhaabbatichaaf akkana jedhee barreesse: “Filannoowwan laman qaba, tokko filachuutu naaf ta’a. Waajjira mana poostaa keessa taa’uu fi maraatummaa koon itti fufuu yokaan immoo as taa’ee barreessuu fi beela’u. Walii galtee isa jalqabaa

mallatteessee booda, asoosama isaa jalqabaa torban sadii keessatti barreessee xumure. Mata-dureen asoosama isaa Waajjira Poostaa (Post Office) kan jedhu ture. Bakka yaadannoo jedhutti,qabee "Yaadannoo kitaaba kanaa eenyuufuu miti!" jedhe. Sana booda humna isa dhaabuu danda'u hin argamne. Asoosaa fi waloo sadarkaa idil-addunyaatti beekamaa ta'e. Kitaabota asoosamaa ja'aa fi walaloowwan dhibbootaan lakkaa'aman maxxansiise. Kitaabonni isaas miliyoona lamaa oltu gurgurame. Hamma namoonni yaadanii ol—tarii isas dabalatee—olitti beekamtiin isaa addunyaa wal ga'e. Hammamuu haa milkaa'u, hammamuu haa duroomu, hammamuu haa beekamu, hammamuu haa kabajamu□wanti baay'ee nama gaddisiisu garuu milkaa'ina isaa booda Bukowiskiin jireenya isaa jijjiiruu hin dandeenye. Kufaatiiisaas□akkuma keessa ture akkuma jirutti itti fufe. Araada isaan, baala sammuu hadoochu fudhachuus, dubartoota jijjiiree waliin sagaagaluus, machii isaas□akkuma jirutti itti fufe. Kufaatii isaatti amanee kufaatii

isaa jiraatee kufaatii isaa barreesse. Kufaatii isaan du'e.


Beekamtii fi milkaa'inni nama fooyya'aa isa hin taasisne.

Maal jechuun barbaade? Jireenyi milkaa'ina irraa adda. Milkaa'inni keenya qulqullina jireenya keenyaa hin ibsu. Jireenya keenya keessatti wanti baay'ee murteessaan amala keenya irratti hojjechuudha. Hojjechuun salphaadha, ulfaatus milkaa'uun salphaadha, beekamuun salphaadha, duroomuun salphaadha; wanti ulfaataan amala ofii irratti hojjechuu fi namuusa qabaachuudha. Of mo'uudha. Of bituudha. Jireenya fakkeenya ta'uu danda'u qabaachuudha. Qulqullummaan jiraachuudha. Ulfaatus garuu ni danda'ama. Wanti nu irraa eegamu waan tokko qofa: Milkaa'inaaf, qabeenya horachuuf, beekamuuf, aangoof…dadhabuu caalaa jireenya qulqullummaaf dadhabuudha! Wanti guddaan isa!

Of moo'i moo'atuun dura! Dursa yoo of moote , keessa kee yoo moo'atte nama moo'uun, Jireenya moo'uun sin dhibu!

(Kitaaba Mark Manson irraa )

# 23) Badii Irraa of qabi, Rabbi of sii qabaa!



Barattoota kutaa 10 ti yeroo tokko daaw'ii dhaaf konkolaataa qopheeffatanii gara bosona miidhagaa tokkootti qajeelan, akkuma achi gahaniinis habaaboo babbareedaa harkaan qaqqabaa keessa fagaatanii ilaaluu jalqaban, yeroo kana shammarreen takka saaraa jedhamti habaaboon baayyee itti miidhagee keessa fagaachaa kaan muraa kaan fuudhaa osoma daawwattu barattoonni sa'aan galgaloofnaan deemsa isaanii gara maatiitti qajeeluuf konkolaataa seenaan, hanga ammaatti Saaran hin deebine, isaanis saaraa hin yaadanne, ofirra deebi'uun deemsa isaanii itti fufan Saaraa achuma keessatti irraanfatanii, Eegaa saaraan yeroo as deebituu homtuu bakka sana hin jiru waan ta'ef lafatu itti dukkanaa'e, Gara deemtu dhabde, egaa as taa'ee bineensi na nyaachuu irraa hamma danda'e deemuu naa wayya jettee bosona keessa deemuun qajeelte garuu lafti dukkanaa'eera waan ta'eef karaa dura irra dhufte irraa faallaa deemtee jirti, Maaltu ishee muudata laata? Osoo deemtuu akka tasaa achi

ilaaltee goojjoo ykn mana xiqqoo wayii achi ilaaltee argitee fagorraa, egaa as keessatti bineensi na nyaachuu irra deemee achuma waan jiru ilaaluu naaf wayya jettee gara goojjoo sanaatti qajeelte. Gaafa bira geessus gurbaa dardaraa tokkotu keessa jira. Innis oyiruu isaa bineensa irraa eeggatuuf achi keessa bula. Egaa isheenis rakkina jiru itti himattee, akka fala biraa hin qabnee beektee mee na bulchi jetteen, innis tole obboleettii koo rakkoon qabuu sin bulchaa, amma iddoon ati galuu deemtuu fi garri amma ati deemaa jirtu walii faallaa dha amma asuma Buli ganama sin geggeesseen achumaanis karaa sitti agarsiisaa jedheen. Isheenis osoma sodaattuu, fala biraa waan dhabdeef tole jettee ol seente. Maaltu ta'a laata? Firaashii/ siree takka qofatu jira innis siree sana afeefii koottu ol bahi jedheen, isheenis qaana'aa sodaataa ol baatee teesse. Innis asheeta waddeefii nyaachisee obaasee eeganaa rafi jedheenii, ofii waa lafa afatee kitaaba dubbisuu jalqabe. Isheen garuu waan sodaa keessa jirtuuf hin rafne. Quuqxee waan

inni ta'u ilaalti, Isheen baayyee nama imaana qabuudha waan taateef yaa rabbi har'uma na dhoksi jetti, Innis osoma dubbisuu sheexanni waan tokko tokko itti hasaasuu jalqabe, Sheexanichiis ka'ii bira dhaqi, ka'ii bira dhaqi jedhaan,

Gurbaanis, lakki boru abidda jahaannamiin gubachu irra jedhee akka laalaan sun irraa qabbanaa'uuf jecha quba isaa tokko shaamaa irra kaa'ee gubee fixe, amma xinnoo itti fure waa'ee ishee yaaduu dhiisee, waa'ee dhukkubbi quba isaatti deebi'e, ammas xinnoo yoo turu sheexanni itti gungume maal ati dhiiraa mitii? Akkamitti dubartiin si bira bultee dhiista? ittiin jettiin, Innis lakki baru ibidda jahaannamiin gubachuu irra jedhee quba isaa hafaan osoo guggubuu quba shananuu ofirraa guggubee fixe, Yeroo kan isheen ni ilaalti, maal namni akkanaa? Sila nama moo jinniidhaa? Kan qaama isaa gubee fixu, jetti, Of keessatti dhofattee boossi, Osoma akkanatti jirani lafti bari'e dargaggeessichis ka'i amma bari'ee sin

geeggeessaa jedheenii karaa buusee,itti agarsiisee biraa deebi'e, Saaraanis gara mana abbaa isheetti qajeelte, Abbaan saaraa akkaan dureessa ture, saaraan duraan manaa baatee, ala/bakkee bultee hin beektu waan ta'eef abbaani fi maatiin eshee baayye rifataniiru, yoo isheen galtu, maal maal taate maaltu si muudate jedheen, abbaan ishee, isheenis waan taate hunda itti himte, nama akkaan gaarii ta'e tokkotu na bulche isheen jettunis, dargaggeessa tokkotu na bulche jechi isheen jetteen isa quubsuu dide, gadi hin liqinfamneef mee beenu mana isaa natti agarsiisi jedheen isheenis ilaalaa itti muldhistee biraa deebite, Abbaan saaraas mana gurbaa bira gahee akkam yaa ilma koo jedheen, nagaadha yaa abbaa koo jedheen mucaanis mee nama karaa fagoo deemuu na bulchi jedheen, inni isa fatanuu/ qormaatuu fedheeti, Abba koo maal rakkoo qaba bulaa manni kankeessanii jedheen, Abbiichi iintaalatif akkuma baratame ol seensisee siree afeefii irra ol baase haasayuu jalqaban, osoma haasayanuu akka tasaa achi

ilaalee mucaa harki isaa gubataa qubnii irra hin jirre arge, "maal maal taate ilma koo" jedheen, innis akkana jedheen " kaleessa galgala shammarree akkaan bareeddu takkatu akka tasaa Galgalaahee na bira bulte, anis qalbii tiyya gadi qabuu dadhabee badii dalaguuf yaade garuu ibidda jahaannam/gahaannam sodaadheeti, quba koo gubutti ka'e. Hamma ibiddi nama gubu ilaaluufis jedheetani, Kan ibiddi addunyaa kun hangana nagube sun hangana lama jedheen, ishee tuqurra jedhee of gubaa bule" jedheen. Abbaan saaraas ni boo'e, amma obseeti bule ganama akkana jedheen, " yaa ilma koo ati nama gaariidha beenukaa wajjiin gallee sirritti wal barannaa" jedheen. Innis tole jedhee wajjiin ka'an yeroo mana gahan, nyaachisee obaasee gara mana bareedaa tokko qajeelche yoo ol seenuu saaraan mana kana keessa jirti.

Ishii kana beektaa? Ishiin tiyya. Anis ishii siif kenneti jira. manni kunis keeti, isheenis keeti jedheeni cidha godheefii wal fuusise.

Maal jechuu barbaade seetan namni waan tokkorratti obse booda waan akkan fedhu sana Rabbiin numa hiraaf. kanaaf homa fedhes haa ta'uu waan jaalattu tokkootti obsa qabaadhu. Rabbiin waan tokko irratti sii qoruuf, sumanis ittiin cimsuuf sitti fida malee inni Homa takkallee Nurraa hin barbaadu  inni dureessa. garuu ammoo siin ammoo waan baayyee si qormaatuu danda'a akka ati of taatee dhaabbattee namaan qixxooftuuf, yoo qormaata isaa kana obsaan dabarsitee jettee fuuldura qormaatichaa wanti gaariin wayii akka siif jiru beekuu qabda.

*Yoo ammoo qormaaticha dandamachuu dadhabde ammoo homa argiteef kufte, akkuma oromoon jedhe* **" Namni homa argeef dhaabatu, homa argeef kufa"** *kanaaf nama waanuma argeef kufus hin ta'in nama waanuma argeef dhaabatus hin ta'in.*

*Waan sitti dhufe tokkoo  daftee hiika itti kennuuf hin yaalin, daqiiqaa muraasas ta'u dhaabbadhuutii liaali. Itti yaadii! seenaan mucaa olii si haa marartu. Akka isaatti obsi,innuu badii irratti  obsinaan halaalitti argate.*

*Namni rabbiif jecha waan takka dhiise Rabbiin waan san caaltu isaaf kenna.*

*Waan ajaa'ibaatii.*

*seenaa kana irraa akka waan baayyee hubattan, irraa barattan abdiin qaba.*

*✍ mee hagam keessanituu rabbiif jecha waan takka dhiisa?, mee hagam keessanituu haraama/badii  irraa of qusachutti jira?, mee hagam keessanituu rabbiif jecha of qabe?*

*Kun gaafii of gaafattan, isinumaafan dhiisa______*

*✍Obsi riqiicha jiruuf jireenya namni tokko barbaaduu walitti baasuu dha.*

# 24) Ofitti Aani!



***Eeyyen!!***

***sitti kan aanu si'i!!***

***natti kan aanu ana!!***

*✍Namoonni tokko tokko ni jiru kanuma haalota(wantoota) hunda keessatti onnee fi miira isaanii qofa dhageeffachuun deebii haala ykn dhimma saniitiif gochatti seenuun beekkaman.*

*✍Warroonni akkanaa kun sababa itti dhiisuun waanuma itti dhagahamu qofaan gochatti seenu, kanaafis murteen isaanii miiraafi qalbii qofa irratti rarra'uuf sirroomina hin qabu. Inumaayyuu akka daa'ima of too'achuu hin dandeenyeefi bineensuma waan itti fakkaate wajjiin tarree isa hiriirsisa.*

*kanaaf atis tarii namoota si cinaa jiraniifi namoota naannawa kee jiran irraa waa baayyee xiinxaluu dandeessa. Hennaa/yeroo kana siin jedhu ammoo atis akka namoota sanaa akka taatuuf osoo hin taane, tarii yoo akka tasaa tarree lachuu keessa hin jirree akka tarree namoota gaggaarii kan miira isaanii too'achuu danda'anii, kanneen onnee isaanii dhageeffatanii sababa wajjiin hiika sirrii itti kennan wajjiin akka hiriirtuuf.*

Qalbiin keenya waan ishiin hin hawwine hin jirtu. silaa guyyarraa fedhima qalbii keenyaa jala deemnees homaa guutuufii hin dandeenyu, isheen daqiiqaa keessattiiyyuu waan baayyee hawwiti. kanaaf waan qalbiin keenya nu ajajje sirumaa hamma sababa gahaa fi barbaachisummaa isaa hubannutti baayyee osoo jarjaruu baanneen yaada kooti. tarii isin waan jettan hin beeku.

✍ *eyyen! kanaafan jalqaba mata duree Koo*

*irratti **"ofitti Aani"**,siin jedhe , eyyeen ammas irra deebi'een jedhaa, ofitti Aani! Sirra kan sitti aanu hin jiruu!*

## *Jireenyi maadala waa yaadachuu fi dagachuuti!*

*✍ waan gadachuu qabnu yoo dagachuu dadhabne... Jireenyi keenya maadalli ishii gadi bu'a. Sababni isaas, wanti nuti dagachuu qabnu sun wanta jireenya keenya keessatti dhiibbaa qabu waan ta'eef, yoo wanta dagachuu qabnu osoo hin dagatin hafne jireenyi hiika sirrii nuuf hin kennu.*

*✍ Akkasuma wanta yaadachuu qabnu, bartee jireenyaa, wantoota barbaachisoo fi namoota barbaachisoo yoo daganne, eenyummaa keenyaa fi jireenya keenya jiddutti daangaa uumuun akka nuti of hin fakkaanne nu taasisa.*

*of fakkaachuu dhabuun nama biraa fakkaachuudha.*

✓ Nama biraatti fakkaachu hin yaalin.

Ati namootaan adda waan taatef .jireenya keessatti namootatti fakkaachuun,fakkaachuudhaaf itti of dirquun akka ati amantummaa ofirraa dhabdu sitaasisa.

*Jireenya kee karoorsii jiraadhu.karooraan jiraachuun galma kee biraan si geessi waan ta'ef.*

*Ofitti amani nama biraa fakkaachuuf hin yaalin garuu akka nama san caaltuuf jabaadhu hojjadhu. Beekta, namoonni tokko tokko karoora sirrii waan hin qabneef namoota biraatti fakkaachu jaalatan.Namni akkasi garuu hanaga dhumarra ga'ee kufee of argattuti ofii isaa akka nama of danda'a ta'etti hin fudhatu.*

*Kanaaf ati namatti fakkaachu osoo hin taane of ta'ii jiraadhu.*

***Siitu si'i***

*Sii ta'u keef of tahii jiraadhu. Of ta'uun kee mataa kees ta'e namoota biraatiffille barnoota ta'a.*

Siin malee jireenyi  kee galama akka hin geenye hubachuu qabda. Tarii hanga namni biraa sikakaasu eegu malta, kun garuu dogongora ati sii malee namni biraa kan jijjiirama keef faayida qabu hin jiruu quba qabaadhu.


*Kana jechuun koo namoonni biraa faayida siif hin qaban jechuu koo osoo hin ta'in siif sumaatu gaha jechuu kooti.*

*Kanaaf siif sumatu ta'a waan ta'ef jireenya kee jijjiiruuf ifaaji! ka'i! Dadhabbii sitti dhaga'amtu hin ilaalin. sababnii isaa ati hanguma kaayyeeffatte dhaamatin gatii kaffalta waan ta'ef*

*bakka guddaa gahuu yoo kaayyeeffatte hanga kayyoo kee san gatii si kaffalchiistii beeki.*

**"Bakka irraa dhufte murteefachuu hin dandeessu, garuu bakka itti deemtu murteefachuu ni dandeessa***". Kanaaf Ani baadiyaa tti dhaladhe, Ani maatii harka qalleessa irraa dhaladhe, maal maal jechuun Jireenya fuulduraa keef hiika hin qabu. Sun murtee keetii mitis garuu bakkuma sana taa'aa, yaaduma kana yaadaa , homaa bakka sanaa siquu hin dandeessu. Kanaaf adeemsa fuulduraa kee murteeffadhu murtee uumama keetiitiin hin taa'inii!*

# 25)Jaalala Haadhaa



*Waa'ee harmee keenyaa osoo nan barreessa yoon jedheeyyuu barreeffamni Koo isaan hin ibsu. Garuu barreessuus hin dhiisu. akkamitti dhiisa ree Waan haawwonni keenya nuuf godhantuu Jireenya keenya jiraannu keessatti gahee dachaa qaba. jireenya nuti Amma nama taanee dhaabbannee deemnu kana keessaa paarsentiin olaanaan Xaarii Harmee keenyaati Rabbii gaditti. Mee dursa seenaa takka isiniif qooduu, eegas waa jedhaa.*

Haati daa'ima ishee kan booyu ofitti hammattee teesse harma hoosifti. Hamma dandeettuun "ushururuu" jettee eega raffiftee booda hojii mana keessaa dalaguuf barbaaddi. Daa'imni ishee kun Yeroo

dheeraaf booyaatiin ishee rakkisaa turus dhuma irratti garuu rafuun isaa hin oolle. Madabii irra raffifteetiin hujii ishee kan mana keessa hojii eegalte. Ibidda eega qabsiifattee booda soorata tolchuuf golaa fii golloo seenuu jalqabde. Jiddumatti meeshaan nyaata ittin bilcheessitu keessa isa tokko dhabde. Ergifachuun dirqama ishetti tahee olla irraa ergifachuuf altokko manaa isheetii gadi baate. Mana ollaa tokko yommuu dhaqtu meeshaa barbaaddu argachuu hin dandeenye. Kan itti aanutti dabarte. Ammas argachuu hin dandeenye. Kaanitti dabarte. Ammas ni dhabde. Xumura irratti garuu mana ollaa tokkichaa meeshaa barbaaddu argattee fuula ishee gara mana isheetti deebifte.

Deebitee dhihoo mana ishee yommuu geessu garuu wanta gonkumaa hin eegne ijji ishee arge. Mana ishee bellbelli ibiddaa itti qabatee gara samitti ol-bobo'aa jira. Amanuu hin dandeenye. Namootni naannoo ishetti argaman "uu'uu u'uuu" jedhaa ibidda dhaamsuuf garana

garas fiigu. Tokko bishaan waraabee mana jissa. Kuun immoo biyyee lafaa hammaree gara ibiddatti darba. Haati manaa tun rifaatuun jidduu namootaatiin baatee gara ibiddatti dhihaataa dhufte. Duuba isheetii iyyiinsi "deebi'i deebi'i uu' uu'uu" jedhu itti heddummaate. Haata'uu garuu ibidda namootni sodaatanii fagotti irraa dheessanii jiran kana keessa daa'ima ishee kan homa takka iyyuu hin beeknetu keessa rafee jiraaf ibiddi kun ishee hin sodaachifne. waamichii fii iyyii namootaa ofduuba ishee hin deebifne. Fiigichaan ibiddaa keessa dabartee gara mana keessaa seente. Abiddi naannawa manichaa kallattii hundaanu marsee jiru oo'a isaaf tahee yaada tokko ala kan rafaa jiru bu'aa gadaamessa ishee bakkee rafee jiru kaaftee ofitti hammatte. Jaalala daa'ima ishee booyaatiin irra deddeebitee dhungatteen. Booda irratti lubbuu isheetii fii daa'ima ishee baraaruuf karaa ittiin ibidda keessa baatu soqachuu eegalte. Ta'us ibiddi yeroo gara manaatti ol-seentu laafaa ture sun ammatti boba'iinsi

hammaatee ishee jala gahee jira. Karaa ittiin gadi baatu dhabdee rakkatte. Qaanqeen ibiddaa bitaa fii mirga ishee irraa uttaalaa qaama ishee fii daa'ima ishee irra bu'u lubbuu daa'ima ishee akka ishee jalaa fudhataa jiru yommuu yaadattu sodaa ishee keessatti uume. Tahus wanta uumamee jiru kana homa takka kan irraa hin beekne daa'imni ishee ija jaalalaatiin yommu ishee ilaalu jabina isheef tahee sodaan ishee keessaa bade. Duuti isaanii kan hin hafne tahus lameen isaanituu baduu hin qaban. Hatattamaan lafa mana ishee haateetiin daa'ima ishee of jalatti hammattee gadi ciifte. Ibiddi garuu ammas hin dhaabanne. Hanga mana guutuu gara kasalatti jijjiiruutti boba'uu itti fufe.

Namootni ibidda dhaamsuuf asii fii achi fiigaa turan. ibiddicha dhaamsuun akka isaaniif hin milkoofne yommuu beekan ibiddichi ofii isaatii hanga boba'ee dhaamuuf eegan. Akkuma ibiddi dhaameen haadhaa fii daa'ima awwaaluuf qaama isaanii gubate fuudhuuf gara manatti dhihaatan. Gurri isaanii booyicha daa'imaa ni

dhagaha jedhanii garuu gonkumaa hin yaadne. Haati daa'imaa ofii isheetii gubattee duutus daa'ima ishee garuu lubbuu akka baraarte hubatan.

=================//==================

*Seenaa kanarraa isinuu na caala waan hubattan jedhee yaaduuf waa jedhee barreessuuf harki Koo naaf ayyamamaa hin turre!*

*Wanti kana caalu mee maaltu jira laata? Jaalala akka namni biroo haa jiraatuuf jedhamee lubbuu ofii dabarsanii kennuu kan haadha ofii caalu eessaa fii garamii argama laata? Nuti hoo jaalalli haadha keenyaaf qabnu hagam takka nu keessa jira? Meeqa keenyatu haawwotii keenyaan "ufff" jennee isaan ifaatnee, isaan ceeggasiisna laata? Yaa ALLAH!!! Rabbiin keenya kan jaalala akkanaa haadha keenya keessa kaahee jiru*

*haadhaa fi Abbaa keenya umrii nuuf haa dheeressu!. Nus nama isaaanitti tola oolu nu haa taasisu!*

*HARMEE*


*Mee Harmee Koo akkanatti ibsadhuu, isinoo akkamitti ibsattan laata?*

**Riqicha koo mootii**
**biiftuu koo ganamaa**
**oolmaan kee Aayyoo koo**
**maaliin madaalamaa?**
**Dundoo gaafa dukkanaa**
**da'oo gaafa rakkoodhaa**
**Gola gaafa roorroo**
**Ati bar kennaa koodhaa**
**Daawwitii jiruu koo**
**ogeettii hundumaa**
**naaf jiraadhu harmee**
**Waggaa kuma kumaa.**

*"Barreessuuf qofa miti dhugaa onnee tiyyatu natti hime jennaan barreesse ati jaalala dhugaati naaf naatuudha gara laaftuudha."  Jechan siif barbaadee argadhe keessaa AAYYOO  HARMEE DEESSEE ati nama an dursee maqaa ishee baradhe nama cufa dura si beeka. Gammachuun kiyya siif gammachuudha. Gaddi kiyyas siif gadda. Dhiiga keetiif foon keetiin guddadhe OOLMAA kee kafaluu hin danda'u Yoo rifadhe dafee HAADHA TOO (AAYYAA tiyya) jedha. Ati hamma an of jaaladhu caala na JAALATTA HAADHA TIYYA JAALATAMTUU*

*wanti fedhe haa badu  atummaan naaf jiraadhu HAADHA TOO ATI ANAAF WAAN HUNDA. Yoo dacheen natti dhiphatteyyu ati naaf bal'oodha. HARMEEN kOO ATI ANAAF LUBBUUDHA!*

# 26) ✍Walitti hidhama jaalalaa fi dhugaa jiru.



Shamarree fi dargaggeessa lamaan baayyee wal jaalatu tokko turan, steeve fi saaraa jedhamu. eega wal fuudhanii waggaa  10  osoo ilma takkallee  hin argatin turan. Steeve fi saaraan  ilmaan argachuu baayyee hawwan turan garuu osoo hin gargatin waggaa 10 laakkofsiisaniiru. Haaluma kanaan osoo jiranuu maatiin isaanii jireenya isaanii kana jibbanii akka wal hiikan barbaadu, sababa kanaaf miirri isaanii baayye itti dhagahamuu jalqabe. Hiriyyoota isaanii birattis ofitti saalfachuu jalqaban. Dhumarrattii  akka Rabbiin ilma isaaniif kennu kadhatan.  Waggaa 11ffa isaaniitti yoo rabbi jedhe ni arganna jedhanii abdiin eeggachutti jiru. Osoma eeganuu ji'oota laakkofsiisaniiru osoo kun kanaan jiruu gaaf tokko steeven waan inni hin yaadnetuu muudate. Yeroo inni bakka hojii isaatii bahu, namicha tokko kan haadha manaa isaatirra harka kaayatee deemu achi ilaalee fagotti arge. Itti fufuun torbaan tokkoof nama wal fakkaataa wajjiin iddoo garagaraatti  arguu jalqabe, guyyaa tokkos isuma mana hojiitii bahu isaanii karaa irra waliin deeman argee

hordofuus eegale.  Baayyee bira osoo hin turin nagatti jedhee dhungatee biraa deeme. steeven aaree ariitiin gara mana isaatti qajeele Steeven baayye areera garuu hanga ammaatti dhimma kana haadha manaa isaa gaafatee hin beeku. Mana galee bishaan bucuqqotti buufatee dhuguu jalqabe, yeroma kan silkiin bilbilamuu jalqabe, silkii kaasee heloo jedhe sagalee dhiiraati, namtichis heloo " akkam jirtu? Boru sa'aa booda mana keessan dhufee si arguun barbaada yoo eeyyamamaa taate" jedheen. Steeven rifatee silkii irratti gadi cufe, namichi bilbileef namicha haadha manaa isaa wajjin ture sana ta'uu bare. Haadha manaa akkaan jaaladhu dhabuu kiyya jedhee baayye aaree, bucuqqoo ittin bishaan dhugaa ture sana lafaan dhahee lafti hundi caccabaa bucuqqoo ta'ee innis akkuma hirkatetti hafe. yeroo kana akka tasaa haati manaa isaa saaraan alaa ol seenutti jirti. Yoo ol seenun yoo waan ta'amu kana hunda argitu baayye rifattee achumatti kuftee. Burcuqqoon caccabaan qaama ishii bakka baayyee qaqqale(wawaarane). Yeroo kana abbaan manaa ishees fuudhe gara mana yaalaatti geesse. Doktorrin mana

yaalaa sunis yeroo kufte sana waan miidhamteef asuma takkaa haa turtu jedheen, steevenis tole jedhee biraa gara hojii isaatti deebi'e. Guyyaa lammataa doktorri hogguu qoratu saaraan ulfa lakkuu ji'a sadi'i akka taate itti hime. Saaraan baayyee gammaddee gammachuu guddina osoo abbaan manaa ishii deebi'ee hin dhufin xalayaa barressitee erguufiif murteessite. Xalayaa kana hospitaala irraa barreessitee ergiteef. Xalayichiis yeroma sana steeven bira gahe, dafee banee dubbisuu jalqabe. Akkana jedha "yaa abbaa warraa jaalatamaa koo, ani hamman si jaaladhu siif ibsee hin fixu, har'a ammoo gammachuu takkaa gammadee hin beekne takka siif qooduuf jarjare sunis abjuun keenya, hawwiin keenya dhugoomera baga gammadde, daa'ima  lakkuu argachuuf deemna doktorri akka ani ulfa ji'a sadi'i ta'en naaf himee" jetteen. Innis ilma argachui barbaadus haalli hariiroo namicha sanaa fi isaa waan hin galiniif homaa hin gammadne. Osoma kanaan jiru namichi yeroo baayye saaraa wajjin argu sun harganaa dhufee balbala rurrukutuu jalqabe.  Innis, ka'ee balbala jalaa bane, akkuma ol seeneen yaa

obboleessa koo kanaan dura wal baruu dhabuu keenyaan dhiifama ani obboleessa haadha manaa keetiiti, amma ammoo obboleettiin koo dhukubsattee hospitaala jirti jennaan gaafachuu dhufe garuu wanta ani hin yaadnetuu obboleettii koo muudate. Isheenis ulfi lakkuu ishee yeroo kufte sana waan miidhameef dahuu akka hin dandeenyee fi akka hospitaala tti dhabde itti hime". Steeven yeroo kana miira akkamiittu itti dhagahama laata? Baayyee rifate baayyee gaabbes, kan inni shakke sun obboleessa saaraa ture. Sababa hojiitiif erga isheen heerumtee wal hin argine ture.

steevenis haala kanaan ilmaan isaanii lakkuu waggaa 11 ffaa booda Rabbiin kenneef dhabuu danda'e.

*✍ Seenaa olii kana irraa waan baayyee barattan jedheen yaada.*

*Wanti ani jedhu tokko*

*Wanta tokkoof wanta hin barbaachifneef hariiroo namoota wajjiin qabnu keessatti dafnee osoo hiika itti kennuu baannee,*


*akkasuma osoo namicha sana kallattiin wanta ta'ame sana addaan baafnee hin gaafatin ofuma keessa ofiitti gara hin taanetti hiikkatuun miidha hammana hin jedhamneef nu saaxiluu danda'a.*

*Waan tokko murteessuuf jarjaruu hin qabnu!*

*Wanti ati argituufi dhageettu hunda dhugaadha jettee hin fudhatin!*

*Yeroo kamuu taatee kamuu keessatti of qabuu baradhu. Waan dhageetteefi argite hunda daftee hiika itti kennuun dursas itti yaaduu danda'u amaaleeffadhu.*

# 27) Kennaan kee guyyaa takkaa Jireenya kee jijjiiruu danda'a!



*Barataa tokkotu ture. Abbaaf haadha waan hin qabneef nama isa gargaaru dhabee ofumaa barataas ofi gargaara ture. Yeroon isaa ganna waan tureef hanga manni baruumsaa banamuuf waan tokko tokko daldalee qarshii walitti funaannatee baruumsatti deebi`uuf yaade. Guyyaa tokko akka tasaa ta`ee gaazexaa gurguruuf qabatee magaalaa keessa deemuu eegale. Haata`uu malee guyyaa sana gaazexicha namni isarraa bitu hin turre. Guyyaa guutuu naannawaa oolee garmalee beelawe. Fala barbaadee waan godhu yeroo dhabu mana namaatti goree du`uu irra nyaata kadhachuuf murteesse. Mana nama tokkootti yeroo deemee balbala rukutu intalli takka dhuftee balbala jalaa bantee maali barbaadde obboleessoo ittiin jette. Innis waan akkasii gaafachuun jalqaba*

*waan itti ta`eef nyaata naaf kennaa jechuu dhiisee mee bishaan bishaan dhugaatii naaf kennitaa ittiin jedhe. Isheen takka dhaabbattee fuula isaa ilaalte. Maatiin ishees hedduu nama qabeenya qabu hin turre. Gara manaatti oli deebitee nyaata mana keessaa dhabde. Haata`uu malee, bishaan inni gaafate osoo hin ta`in Aannan qabdee dhufteef. Inni rifatee ani bishaan jedhe maaliif aannaniif dirqamte? jedhee, meeqa siif haa kafalu jedhee gaafate? Isheen lakki waan tokkoyyuu hin kafaltu maatiin keenya rakkannuyyuu waan qabnuun nama akka keenya rakkataa gargaaruu gaafa daa`imummaa irraa jalqabee na barsiiseera ittiin jette.Innis tole galatoomi jedhee hedduu galateeffatee biraa deeme.*

*Erga turaanii bara 10 lakkaawanii booda*

*mucichi baratee doktora ta`eera. Gaafa tokko isaa guyyaa hojii irraa boqonnaa irra jiruu hospitaala inni keessatti hojjatuu bilbilli bilbilameef. Ergaan bilbilaa akkas jedha ture, maaloo maaloo ammaa kanaaf ogeessi baqaqsee hodhuu danda'u nu bira hin jiru waan ta'eef adaraa lubbuu namaa baraari ittiin jedhan. Kana booda innis garmalee ariifachaa gara hospitaalichaa deemee, oli galee dafee uffattee gara kutaa surgery seene. Yeroo seenu waan addaa tokko arge. Intalti gaafa sana aannan kenniteef dha kan du'aaf jireenya jidduu turte. Iinnis, erga ishee baqaqsee hodhee turtii guyyaa muraasa booda ofi barte. Eessa akka jirtu yaaduu jalqabde. Gaafa ofi ilaaltu baqaqxee hodhamuu agarte. Doktorichi dhufee gaafachuu eegale. Isheen isa tasuma hin yaadatne. Garuu doktor*

*waan si gaafadhu qaba jetteen imimmaan dhangalaasaa. Maal maaltaate jedhee gaafate. Ani maatii hiyyeessa irraa dhaladhe, abbaan koo dhiyeenya kana adunyaarraa boqate.Anaa miti maatiin koo takkaa hospitaala guddaa akkanaa seennee yaalamee hin beeku. yoo dhibamnes mana yaalaaf mana qorichaa xixinnoo irraa dawaa bitanna malee. Amma harmee koottu mana abbaa qabeenyaa qulqulleessaa nu guddisaa jira. Kanaafuu baasii kana akka suuta jedhee kafalu naaf eeyyami ittiin jette. Innis dhageffatee mee maalumaafuu xalayaa mana baajataa irraa siif haa ergamuu deemii gali jedheen. Guyyaa muraasa booda Xalayichi ergameefii banuu sodaatte. Qarshii ani jireenya koo keessatti kafaluu hin dandeenye ta'uu Mala jettee yaadde haa sodaattu malee xalayicha*

*banuuf dirqamte. Yeroo bantu xalayichi akkas jedha. Hunda dura fayyitee sadarkaa kana gahuuf rabbiif galata. Nuti hunduu eessaa kaanee eessa akka geenyu hin beeknu. Yaala keetiif gatii bahe tilmaamneerra. Sitti himuuf ni ulfaata. Haata'uu malee, ni yaadatta yoo ta'e guyyaa tokko baratan gaazexaa gurguru tokko dhufee bishaan si gaafatnaan, aannan kenniteef. Ati na dagattus ani akkuma argeen si bare. Ani mucaa gaafa sanaati. Anumaa sanatu doktora ta'un har'a rabbiin wajjiin siyaalu ta'e. Takkaa akka guyyaa sanaa beelawee, dheebodhees hin beeku. Osoo ati aannan sana naaf hin keennin haftee ani du'uus ni danda'a ture. Atis waan qabduun du'arraa na baraarteetta, anis waan qabuun du'arraa si baraaruuf yaaleera. Qarshiin kee guutuun aannan burcuqqoo*

*tokkoo ati gaafa sana naaf kenniteen bakka bu'eera. Hunda isaa sirraa kafaleera , homaa hin yaadin, rabbi si haa fayyisu ittiin jedhe. Isheen gaddaaf gammachuun itti Wal makee imimmaan dhangalaaste.*

*Kun hundi sababaa isheen mucaa rakkataa sana waan qabduun gargaarteefi. Baayyeen keenya hoo akkam seete, osoo hammamuu qabaannee Namaaf arjoomuun nutti ulfaata, osoo qabnuu, abboo anuu homaan qabuu narraa deemi Jenna.  , osoo waan humnaas ta'ee abboo Ani humna kiyyaafuu hin danda'uu sin gargaaruu deemi jennaa, kana hundarra osoo hamma dandeenyu qofa gargaarree,hamma dhabnetti abbo Ani humni Koo haganuma Rabbi si haa gargaaru jennee Dhiifnee yyu gahaadha!*


*Gariin namaatuu Ni jira kan osoo namni*

*tokko waa gaafatee ijarratti tufuuf ta'u! Anaaf si garuu akkas ta'uun qabnu dadhabaa keenyas garagaaraa wallaalaa keenyas barsiisaa akka inni boruu nuu ol ta'ee argamu ofii olitti harkisuu dha qabna.*

*Kennaan kee guyyaa takkaa Jireenya kee guutuu jijjiiruu danda'a*

*Eeyyen ni danda'a seenaa olii irraa baradhuutii waan qabduun nama gargaarii beekumsa ta'ee qarshii, humna ta'ee yaadaan . Waan dandeettuun namatti hin dabin namni achuma taa'u hin jiruu bor kan si caalee argamu ta'ee atis waa irra barbaaduu dandeettaa, ilma namaa waan taateef.*

# 28) *Qaxaleen qaxalummaashee hinbeekne qaxalee miti.*



*Ati of-beeknaan, jabaa ta'uukee ofiif mirkaneessinaan, eenyu iyyuu qabee duuba si deebisuu hindanda'u. Ani qaxaleedha ofiin jedhi! Mujujjuu qaxalummaashee hinbeekne hinta'in. Akka qaxalee taate beekuunkee iyyuu qaxalummaakeeti. Waan hojjechuu qabdu irratti xiyyeeffachuunkee qaxalummaakeef ragaadha. Qaxalee akka qaxalee ta'e beekee qaxalummaasaan jiraatu ta'i!*

***#Hojii Gaariif Gammachuu***

*Ilma namaaf waan inni hojjetu hunduu sirrii itti fakkaata. Kanneen dhuguma waan sirrii fi waan hojjechuu qaban hojjetanis jiru. Faallaa kanaa muraasni  isaanii garuu waan isaan hojjetan utuma akka sirrii hin taane beekanii jireenya guyyaa har'aa kana oolanii galgala dhufus dabarsuuf jecha wanuma*

*gaarii hin taane hojjetu.*

*Namni tokko hojii gaarii ati hojjettu irraa faayidaa addaa argachuu baatus, waan ati hojii yaadaaf qalbii namaatti tolu hojjetteef;gammachuu sirraa aragata. Akkuma kana gatii hojii gaarii hojjechuu waan hawaasa keetti hin tolleef sammuu namaatti ba'aa tahu yoo hojjettu keessi namaa sitti gadda.*

*Hamma feete waan hojjettu irraa bu'aa guddaafi ajaa'ibsiisaa argattee sammuu kee gammachiiftee kan jiraachiftu taatee;hawaasa keessa jiraattu hin gammachiiftu yoo taate ofii kees hagam gammachuu dansaa qabaatta ?.*

*Yoo baay'ee garaa muratte dantaa kennuufi dhiifte. Waa'ee nama kamiyyuu nan galchu yoo jette ofii kee jiraachuu ni dandeessa.*

*Garuu;gammachuu qaba jechuu hin dandeessu.  Hojiin gaariin gammachuu keetiif bakka guddaa qaba.Qooda waan namatti hin tolleef fudhatama hin qabne hojjennee ofii keenya qofaa gammachiisuu yaallu Hawaasa keenyas gammachiisaa kallattii hundaan gammachuu waliif haa qoodnu.*

*Kanaaf ammoo ati qaxaleedha waan feete hojjattee dhaloota kee gammachiisuu Ni dandeessa,*

**Bar! Namni tokko hojii gadhee yoo ati hojjatte, bakka gadhetti yoo si arge kan si jibbuuf waa sirraa argadhaa yaadeetii mitii, ijuma isaatitti toluu dhabdeef, ijumaan si laaluu jibbeeti malee.**

**Akkasuma namni tokko yoo ati hojii gaarii hojjatte kan si jaalatuuf waa sirraa**

**barbaaduuf mitii, waanuma itti tolteef malee, waanuma gammachiifteef malee. Kanaaf bakka hin taanetti mul'attee fakkattii ija namaa hin miidhin***!*

*"Ati sinii/shinii miti kan bunaan si dhugan" kanaaf waan sirraa hin eeggamne hojjattee akka namni hamiin buna ittiin si dhugu hin ta'in.*

*Isa ta'uuf ammoo dursa ati oduma namaa jala hin fiigin, namuma hamataa hin oolin!*

*Ammalli kee muka midhaan dhaluu wajjiin tokko haa ta'u.*

*Maalifin ja'a beeyta muka midhaan dhalu kana? Namni karaa deemu tokko yeroo dadhabe muka kana jalatti hafuura baafata,irraayis midhaan san kutatee nyaata itti gammada jechuu.*

*Namatti rakkoo hin ta'in bineensa nama wajjiin galu kan namni haala ketirraa baqatu hin ta'in. Dhugaadha Ee namni si aarsuu danda'a sababaan ta'uu, sababa malee ta'uu. Ati garuu mukaan akka amma as olitti dubbadhe kana yoo taate ofiifis jireenya gaarille jiraattee namaa illeen fakkeenya gaari taata./taana*

*# irra baayyeen nama lafa tanarra jiruu dogoggora namaa haasawutu itti tola beeki. Keessattuu naamusa obboleessa /obboleetti isaa cabsuutu isa gammachiisa. Anaaf ati garuu kanaan adda tahuu qabna. Dogongora namaa haasa'u caala keenya yoo haasofnee sirreeffanne irra gaari miti mee ?*

*Ee irra gaari kanaaf namni akka amala badaan sidubbatuuf carraa hin laatiniif.*

*. Dogongora namaa namarratti kaasaa hin oolin, garuu haala namni sun dogongoricha irraa sirraa'uuf hamma dandeettuun alkallattiin sirreessuuf yaali!.*

***Mee seenaa ajaa'ibaa takka tan media hawaasaa irratti dubbise takka isiniif haa qooduu,***

*✓Guyyaa tokko barataan mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa barachaa ture barsiisaa isaa mana cidhaatti arge. Akkuma argeen fiigee dhaqee mararsiifatee dubbise. Erga dubbisee, na barteettaa barsiisaa? Jedhee gaafate. Barsiisichis bitaa itti galee jennaan deebisee, lakki si hin barre, eenyudha? Jedheen. Baratichis akkas jechuun itti dubbate. "Guyyaa tokko hiriyaa koo jalaa sa'aatii harkaa baay'ee bareedu hateen ture. Hiriyaan koo sun dhufee sitti himannaan*

*sakatta'uuf daree dhufte. Erga daree seentee booda, barattoota hundaan ka'aatii dhaabbadhaa nuun jette. Nutis kaanee dhaabbanne. Ija keessan dunuunfadhaatii gara keenyaan manaa (girgiddaa)tti garagalaa dhaabbadhaa nuun jette. Nutis kaanee dunuunfannee akkuma ati jette goone. Sanaan booda kiisii hunda keenyaa keessaa sakatta'uuf yeroo jettu, yoo dhufee na harkatti arge barattoonni mooraa guutuun natti kolfu, maatiin natti lolu, mana barnootaas ari'atamuun danda'a jedheen baay'ee hoollachaan ture. Achumaan ati osuma sakattaatuu na biraa geesseetu sa'aatii harkaa sana kiisii koo keessaa ol baaftee callistee fuutee deemte. Daqiiqaa xiqqoo turtee ija keessan banadha nuun jette. Ijoollee duratti maqaa koo na waamuufi jedhee osuman kirkiruu, bakka*

*keessanitti deebi'aa taa'aa nuun jette. Erga teenyee booda sa'aatii harkaa hiriyaa koo sana fuutee kenniteef. Eenyu biraa akka argite hin dubbanne. Eessaa akka fiddes ijoolleetti hin himne. Yoom maqaa koo waama jedhee osoon ofirratti si eeguu nagaan turaa jettee dareetti nu dhiistee baate. Tarii biirootti na waamuufii jedhee osoon si eeguu, hanga har'aattis na hin waamne, maqaa koos hin dhoofne, maatii koottis hin himne waggaa kana hunda. Amma hoo na yaadattee?," jedheen. Barsiisichis ajaa'ibsiifateetu, xiqqoo xiqqoo nan yaadadha. Garuu, anis dunuunfadheen kiisii keessan sakatta'aa ture si hin ilaalle. Ergan kiisii keessatti qabadhee argee garuu ija banadhee si ilaaluun danda'a ture. Beekuman dhiise akka ati hin qaanofneef jedheen. Barataan sunis baay'ee*

*galateeffatee, yoomuu si hin dagadhu jedhee wal biraa qajeelan.*

*✍Dogoggoraa fi yakka hunda tarkaanfii fudhachuu qofaan sirreessuun hin danda'amu. Akka namni sun of ceepha'u taasifnees amala nama sanaa sirreessuu dandeenya.*

*✍yeroo baayye nama badii qabu saaxillee akka inni jiruu isaa guutuu ofiitti qaanfataa jiraatu godhuuf yaaduu malee yoom walii dhoksinee beekna, yoom wal gorsinee beekna, yaa obboleeyyan koo seenaa kana irraa waa hedduun hubattan jedheen amana.*

*Hangam feedheyyuu namni tokko badii yoo dalage mee isa sattaruu/dhoksuufii haa yaalluu.  Rabbis badii tee sababaa kanaan sii dhiisuu danda'aa*

# *29) EEYYEN ANI RABBIIN QABA*



*Mucaa tokkotu ture yeroo hundumaa jecha tokkoon beekama  Akkas jedha" ANI RABBIIN QABA.   Hiriyyoni isaa amalasaa kanaaf itti qoosu turan.  Maatiin mucaa kanaa baayyee harka qalleyyii waan turaniif mana citaa irraa ijarameetti galu.  Gaaf tokko garuu akkas tahee mucaan Kun barnootan baayyee cimaa waan tureef qorumsaa kutaa 12 ffaa qabxii gahaa Waan fideef carra barnoota alaa(scholarship) akka baratuuf dorgommiif garaa magaalaa deeme.  Gaafa Inni qormaata kana fudhatee deebi'uu garuu waan hin eegamnetu uumamee isa eegee.  Abbaan isaa cilee waan gubaniif cilee keessaa abiddi ka'uudhaan mana isaanii barbadeessee eegeeni.  Hiriyyoni isaa hundinuu gaafa Inni galuu  eeganinni manni keessan hin*

*gubatee abbaan kees ragaan mucaa koo jalaa gubate jedhee boo'aa jira. Wantootni adeemsa(process) scholarship sanaaf si barbachisan kanneen akka ragaa qoramata kutaa 8ffaa fi transcript kutaa 9-12 hundasaa si jalaa barbaada'era. Ammahoo eenyuun qabda? jedhanii itti kolfa.  kana gidduutti haati isaa gabaadhaa gaafa dhuftu Manni isaanii gubatee daaraa taa'ee argite.  Gaafa kana argituu haatisa fiigdee mucaa ishetti maramtee "dhala koo baga gubate kan manahoo dhimma isaati. Baga Wanti kan kee ta'e achi keessa hin jiraatin" jetteen.*

*Eessa jiraree harmeekoo jechuun gaafate. "Manni keenya citaa waan ta'eef bokkaan yoo roobee itti si jalaa dhimmisa jedhee mana nama si kaa'eera" jetteen. Warri isatti hinaafan hunduu achumatti nahanii hafan.*

*Mee seenaa kana irraa maal barattuu?? Eyyeen!* Namni *Rabbiin Qabu waan dhabe hin qabu! Garuu ammoo namni Rabbiin hin qabne, qabeenya fedhes qabaatu gaafuma tokko Rabbiin qabaa jabaa isa qaba , osoo ana malee namni hin jiru jedhuu, osoo boonitiin dachee guutuu, osoo nama tuffiin of gaaraa fakkeessuu garuu tasa kufa hin taane si kuffisa!*

*Kanaaf yaa obboleeyyan koo nama hiyyeessas, nama dadhabaas gaafa tokko inuma dabartiifi akka hin tuffanne akka hin xiqqeessine!* Nus *ammoo osoo homaallee kan hin qabne taanee Rabbiin keenna nuuf gahaadhaa isuma irratti haa hirkannuu*

*EEYYEN ANI RABBIIN QABA! Jedhi!*

*Abdii hin muratinii tiin!*

# Nama waa dubbisetu waa dubbata!

# #Kanaaf dubbisi Ni dubbataa!

# ##Xumurameera!

# #Hanga_kitaaba_biraan_walitti deebinutti_nagatti!

# Yaadaaf qeeqa, qabdan hunda naaf qoodaa.

# (+251966006268)

- ★ *Barreeffama Koo guyyaa guyyaan post ta'u hordofuuf ammoo channela telegram "milkaa'ina Jireenyaa" , **asuma linkii gadii kana gadi tuquun join godhaa nu hordofaa.***
- ★ ***http://t.me/milkaainajireenyaa or***
- ★ ***http://t.me/Kaayyoo_kootiif***